QAACCESSA QABOO YAA'II WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA AANAA ADAABBAA

GUDDATAA QAABATOOTIIN

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO

AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA, 2008

FINFINNEE

QAACCESSA QABOO YAA'II WAAJJIRAALEE MOOTUMMAA AANAA ADAABBAA

GUDDATAA QAABATOOTIIN

GORSAA: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO

AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA, 2008

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa / Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraa Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) gamisaan guutachuuf muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fooklooriitiif Guddataa Qaabatootiin, mataduree:*Qaacessa Qaboo Yaa'ii Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Abaabbaa* jedhuun qophaa'e, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Gorsaa Keessaa ---------- Mallattoo ----------Guyyaa ----------

Qoraa Alaa ---------- Mallattoo ----------Guyyaa ----------

Gorsaa ---------- Mallattoo ----------Guyyaa ----------

Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa digrii lammaffaa (MA)

Gabaabsa

Qorannoon kun, qaaccessa qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa irratti xiyyeeffata. Qaaccessi taasifames, amalaafi qabiyyee unka qaboo yaa'ii irratti kanhundaa'eedha.Kaayyoo qorannoo kanaa galamaan gahuuf, malli qorannoo akkamtaa dhimma itti bahameera.Sababni isaas,odeeffannoowwan sassaabaman hundinuu jechootaan waan ibsamaniif. Qorannoo kana gaggeessuufis ragaaleen galmee waajjiraalee mootummaa kudhan irraa walitti qabamanii qaacceffamanii jiru.Haaluma qaaccessa ragaalee kana irraa hubatametti, waajjiraaleen mootummaan Aanaa Adaabbaa, qaboo yaa'ii yemmuu qopheessan, amalaafi qabiyyee qaboo yaa'iirratti hanqina akka qabanitu hubatame. Hanqinnoonni isaan biratti argamanis qulqullina barreeffamaatiin walqabatee, sirna tuqaaleefi qubguddeessa qaboo yaa'ii keessatti seeraan dhimma itti bahuu dhabuu, jechoota seerraan qubeessuu dhabuu,dhamjechoota afaanicha keessatti hirkatoo ta'an, akka dhamjechoota walabaatitti jechoota irraa siksuun barreessuu , jechoota walfaanaa hiriiranii qaama isaan irra bal'aa ta'e barreeffamicha keessatti uuman karaa irra deddeebii yaadaa agarsiisaniifi karaa walsimannaa hinqabneen hiriirsuu yemmuu ta'an, gama iftoominaa, qindominaatiifi dhugummaa yaadaatiinis hanqinni nimul'ata. Kanamalees, qaboo yaa'ii tokko qabiyyeewwan hammatuu qabu hundaa hammachuu dhabuunis qaboon yaa'ii waajjiraalee kana keessatti akka hanqinnaatti wanta ilaallameedha.

Galata

Hundaa dursee, Waaqa guddaa waan hundaa olii galatni haa gahu. Itti aansuudhaan mata duree qorannoo filachuu irraa jalqabanii hanga xumura qorannoo kanaatti nuffii tokko malee,yeroo,beekkumsaafi ogummaa isaanii osoo hinqusatin, yaada gabbataa naa gumaachuun, akka qorannoo kana seeraan hojjedhuuf na maddii dhaabbatanii na qajeelchaa kan turan ,gorsaa koo Dr. Amaanu'eel Alamaayyootiif galatni ani qabu jechootaan kan ibsamee dhumuu miti.

Haadha manaa koo, Aadde Baliyyuu Zannabaa, cinaa koo dhaabbattee waan na jajjabeessiteefi ijoollee koo Naanaatii Guddataa, Yeroonsan Guddataafi Atoomsaa Guddataa, kanneen yeroo isin argu gammachuun koo daran dabaluuf, galatni isiniif qabu guddaadha.

Hoggantootaafi hojjettoota waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa, kanneen odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'e naaf kennitaniifi hiriyoota koo hojii kana kompiitaraan barreesssuun na bira dhaabbatan guddiseen galateeffadha Dhuma irrattis, barsiisaa koo, Dr. Dastaa Dassaalany, kan yeroon sagantaan barnoota Afaan Oromoo sadarkaa (MA)tti Yunivarsiitii Addis Ababaatti jalqabuuf jiru, akkan barachuu qabu najajjabeessee hamilee na keessatti uumeef galata qaba.

Jibsoo

Udumamoo	kan kophaatti mul’atan
Fuulcha	eeruu
Daran	sirriitti
Shoora	gahee
Jaarmiyaa	dhaabbata
Argayaada	kan qabatama hintaane
Dimimmisaaye	dukkanaahe
Ija dubbii gabaasaa	kallattii gabaasni ittiin seeneffamu
Miirsagalee gabaasaa	dhageeettii gaabaasni keessa namaatti uumu

Qabeentaa

Gabaabsa i
Galata ii
Jibsoo iii
Qabeentaa iv
BOQONNAA TOKKO
Seensa 1
1.1. Ariirrata 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa 3
1.3. Kaayyoo Qoranichaa 4
1.4. Faayidaa qoranichaa 4
1.5. Daangaa qoranichaa 5
1.6. Hanqina qoranichaa 5
BOQONNAA LAMA
SAKATTA'A BARRUU 6
2.1Maalummaa Barruu Teeknikaawaa 6
2.2.Maalummaa Gabaasaa 7
2.2.1 Amaloota Gabaasaa 9
2.2.1.1 Sirrummaafi Haqa Qabeessummaa 9
2.2.1.2 Qabatamummaa 9
2.2.1.3 Qusatamummaa 9
2.2.1.4 Ifaafi Seera Afaanii Kan Eege Ta'uu 10
2.2.1.5 Dubbifamummaa 10
2.2.1.6 Yeroo Eegee Dhiyaachuu. 10
2.2.2 Ija Dubbii Gabaasaafi Miir-Sagalee Isaa 11
2.2.2.1 IjaDubbii Gabaasni Ittiin Dhiyaatu(Point of View) 11
2.2.2.2 Miirsagalee Gabaasaa 12
2.2.3 Haala Qooddii Gabaasaa 12
2.3 Qaboo yaa'ii 14

2.3.1 Faayidaa Qaboo yaa'ii 16
2.3.2 AmalootaQaboo yaa'ii 17
2.3.2.1 Qulqullinaan Fayyadama Afaanii 17
2.3.2.1.1Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessa 18
2.3.2.1.2 Qubeessuu 21
2.3.2.1.3 Ittifayyadama Caasaa Dhamjechootaatiifi Filannoo Jechootaa 23
2.3.2.2 Iftoomina 25
2.3.2.3 Qindoomina 26
2.3.2.4 Dhugummaa 26
2.3.3 Qabiyyee Qaboo Yaa'ii 26
2.4 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii 30
BOQONNAA SADII
MALA QORANNICHAA 31
3.1 Saxaxa Qorannichaa 31
3.2 Madda Ragaa 31
3.3 Mala Iddattoofi Iddattessuu 32
3.4 Meshaalee Funaansa Odeeffannoo 33
3.5 TooftaaleeQaaccessaa Ragaa 33
BOQONNAA AFUR
XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE 34
4.1. QXiinxala Amalaafi Qabiyyee Barreeffama Qaboo Yaa'ii Keessatti 34
4.1.1. Xiinxala Ragaalee Ija Amaloota Qaboo Yaa'iitin 34
4.1.1.1 Qulqullinaan Fayyadama Afaanii 35
4.1.1.1.1 Fayyadama Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessaa 35
4.1.1.1.2 Qaaccessa Fayyadama Qubeessuu 44
4.1.1.1.3 Qaacceessa caasaa Dhamjechaafi Filannoo Jechootaa 48
4.1.1.2. Iftoomina 57
4.1.1.3. Qindoomina 57
4.1.1.4. Dhugummaa 58

4.1.2 Qaaccessa Qaboo Yaa'ii Qabiyyeetiin 60
BOQONNAA SHAN
GUDUUNFAAFI YABOO 65
5.1 Guduunfaa 65
5.2 Yaboo 66
Wabiilee 67
DABALEE A 72
DABALEE B 73

BOQONNAA TOKKO

Seensa

1.1. Ariirrata

Kaayyoofi qabiyyee barreeffamni tokko irratti barreeffamu irratti hundaayuun barreeffama gosa adda addaatti qooduun nidanda'ama. Gosoota barreeffamaa kana keessaayis, barruun teeknikawaa isa tokkko.Barreeffamni kunis ,dhimma kallattiin darbu tokko irratti xiyyeeffachuun dhageeffattootaaf yookiin dubbistootaaf karaa ergaan ittiin darbuudha. Kana ilaalchisuunis Jemes Shelton (1994:121) yoo ibsu,

> *Technical writing communicates specific and factual informationto defined audience for adefinedpurpose.Theinformation is technical in nature and this is whatmakes technical writing differentfrom other types of writing. Broadly those audiencesincludetechnicalreaders, manageralreadersor even, at times, general leaders,*

jechuun kaaya.

Akka yaada hayyuu kanaarraa hubannutti, barruun teekniikaawaa odeeffannoo murtaayaafi haqa qabeessa ta'e tokko, dubbisitootaaf,kaayyoo murtaayaa ta'e tokko irratti, hundaayee kan dhiyeessuudha. Gosti barruu kanaas, odeffannoo teekniikaawaa ta'e kan qabatu yemmuu ta'u, kuni immoo, dhimma barreeffama teekniikaawaa barreeffama gosoota birootirraaadda taasisuudha. Dubbistoonni barreeffama kanaas, qaamota garaagaraa akka ta'an, yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Barreeffamni teeknikaawaa kunis, akaakuu garaagaraatti qoodamee kan ilaaalamu yemmuu ta'u, akaakuulee kanneen keessaa, gabaasni isa tokkoodha.Kunis, dhimma tokko xiyyeeffannoon erga xiinxallineen booda, namoota iddoo sanahinjirreef,dhimicha, tooftaa ittiin hubachiifnuudha. Kunis,fedhii dubbistootaa yookiin dhageeffattootaa irratti hundaayuun,kan qophaa'uu ta'a.Yaada kanas Gerald and et al (2009:351) akkas jechuun ibsu:

> *A report is an organized presentation of factual information often aimed at multiple audience thatmay present the resultsof an investigation or atrip or a research report project.Forany report whether forml or informl assessing the readers need is essential.*

Kanarraa akka hubannutti, gabaasni, ragaandhugaarratti hundaaye karaa ittin dhiyaatuun yemmuu ta’u, daawwannaan imala tokkoo, bu’aan sochii jaarmiyaa tokkoofi argannoon qorannoo tokkoo karaa dhaggeeffattootaaf ittiin dhiyaataniin ta’uu yaadichi niibsa.

Hayyoonni akka ilaalcha isaaniitin qabata adda addaa irratti hundaayuun gabaasa niqoodu (Murphy:1980, Pickett:1980). Kunis, qooddiin gabaasaa, kallattii tokkoo qofa kan hordofu akka hintaane nihubaachiisa. Qooddiin yeroo baay’ee baratameefi kan yeroo baay’ee ittiin hojjatamu garuu, gabaasa, gabaasa idileetiifi gabaasa al-idilee jedhanii iddoo lamatti qooduudha. Qooddii kanaafis ka’uumsa kan ta’u, haala gabaasichi ittiin qindaayedha. Qooddiin kunis, qooddiiwwan qabata birootiin taasifaman kan of keessatti hammmatu akka ta’e hayyoonni itti walii galu (**አለምእሸቱ፡** 1997)

Gabaasni al-idilee akaakuuwwan gabaasaa heddu kan of jalatti qabatuudha. Gosoonni gabaasaa asjalatti hammatamanii lakkoofsaan heddu ta’anis, kanneen keessaa bal’inaan kan beekkaman gabaasa yaadannoo, gabaasa adeemsaa, gabaasa dirree yookiin imalaa, gabaasa bu’aa hordoffii koree, gabaasa dubbisaatifi qaboo yaa’iiti. Isaan kana keessaa qaboon yaa’ii bal’inaan beekkama. (**አለምእሸቱ፡** 1997፡ 84)

Damee gabaasa al-idilee kan ta’e qaboon yaa’ii, ragaa haftee walgahii tokkooti.Ragaan kunis, barreefamaan kan taa’u waan ta’eef, yeroo wal gahii itti aanee dhufuuf, akka madda ragaa tokkoo ta’uun, murtii kennamu tokko tumsuu kan danda’uudha. Qaboon yaa’ii, ragaa seena qabeessaaf kan nama gargaaruufi yaada bal’aa of keessatti hammatee kan barreeffamu, namoota walgahicha keessaa filatamaniin kan qophaa’u, qaamonni dhimmi ilaalu murtii tokko akka dabarsaniif yaada ka’umsaa ta’ee kan tajaajiluudha (Ezinberg 1982).

Qaboon yaa’ii, dhugaawwan qabatamoofi qindoomina qabanitti dhimma bahuun mala gaaffii bu’uura ta’e tokkoof deebii ittiin laannu, yookiin ammoo, tooftaa ragaan murteessaan ittiin dhiyaatuudha.Qaboon yaa’ii, tooftaa raawwwiin yookiin taateen tokko gadi fageenyaan erga hubatameen booda, namoota yeroo raawwiin sun raawwatu iddoo sana hinjirreef, barruudhaan kan dhiyeessinuudha (Pickett1980, Parson 1975).

Walumaagalatti, qaboonyaa’ii, barreefama murtii tokko dabarsuuf akka yaada ka’umsaatti yookiin ragaatti tajaajilu yemmuu ta’u, kan qophaa’us raawwii tokko irratti bu’uureeffateeti.

Qaboon yaa'ii, namoota yeroo sana iddoo raawwii sanatti hinargamaniif maaltu akka raawwate kan ibsu, akka madda ragaa ta'ees gara fuula duraattis taa'uu kan danda'uudha.

Qaboon yaa'ii qophaa'u kun, waajjiraalee adda addaatti yemmuu qophaa'u, afaan hojii naannoo saniitiin qophaa'a. Kanaafuu, waajjiraalee mootummaa naannoo Oromiyaa keessa jiranittiqaboon yaa'ii Afaan Oromootiin qophaaya.

Afaan kun immoo, yemmuu ammaatti, daandii guddinaa kan qabates ta'u, ogbarruu isaatiin gabbataadha jechuuf, dhimmoota afaan guunnee akka hindubbanne nu taasisan heddutu jiru. Dhimmoota kanniin keessaa, kanneen itti fayyadama afaaniitiin walqabatan kaasuun nimala. Itti fayyadamni afaanii, nama hunda biratti, kan sadarkaa hubatamuu qabuun hubatamee miti. Ammas dimimmisni nimul'ata. Dhaaba dhabuun caasaa afaanichaa kan sadarkaa adda addaa irratti nijira. Kanarraa kan ka'es, mormiiwwaniifi gaafiiwwan qaboo yaa'ii Afaan Oromootiin qabamu irrattis yemmuu godhamu, nidhagahama. Dhimmoota mormii kaasan kanas qorannoon addaan baasuun yaada furmaataa dhiyeessuun garaagarummaa mul'atu nisalphisa

Egaa, qaboon yaa'ii bifa armaan olitti tuqameen qindaa'ee, tajaajila armaan oliitti eerameef oolu kun, Afaan Oromoo, isa amma afaan hojii ta'ee waajjiraalee mootummaa naannoo Oromiyaa keessa jiran hundarratti tajaajilaa jiruun yemmuu dhiyaatu,amalaafi qabiyyee unkichaa irratti haala kamiin waajjiralee mootummaa qorataan irratti xiyyeeffatu keessatti akka qophaa'u hubachuuf qoratichi qorannoo isaa gaggessee jira. Qorannoo isaa kanaanis ragaa funaanun mala akkamtaatti dhimma bahuun qaaccessee erga ibseen booda yaada furmaataadhiyeessee jira.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf, qoratichaaf ka'umsa guddaa kan ta'e, waajjiraalee mootummaa keessatti, haala qabannaa qaboo yaa'iitiin walqabatee, mormiiwwan adda addaa jiraachuu irraa kan ka'e, namoonni qaboo yaa'ii qabuu irraa yemmuu baqatan argaa turuu isaati. Gama biraatiin immoo, qorataanis, darbee darbee, qaboo yaa'ii qabuu irratti kan hirmaatu ta'uu isaati. Muuxannoo as irraa argateen, qaboon yaa'ii tokko, amala akkami akka qabuufi qabiyyee of keessatti hammatee qophaa'uu qabu bifa qorannootiin

mirkaneessuuf murteeffate.Bu'uuruma kanaan, qorannoon kungaaffilee armaan gadiitiif deebii nikenna:

1. Qulqullinaan ittifayyadamni afaanii unka qaboo yaa'ii keessatti maal fakkaata?
2. Iftoominni barreeffama qaboo yaa'ii keessatti maal fakkaata?
3. Barreeffama qaboo yaa'ii keessatti yaadonni akkamitti qindaa'anii jiru?
4. Barreeffama qaboo yaa'ii tokko keessatti yaadonni dhugummaa qaban hammatamanii jiruu?
5. Qabiyyee qaboo yaa'ii tokko maal, maal of keessatti hammatee argamuu qaba?

1.3. Kaayyoo Qoranichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa aanaa Adaabbaa keessatti argaman amalaafiqabiyyee duuka bu'uun qaaccessuudha.Kaayyoowwan gooree ammooakka armaan gadiitti qophaa'aniiru:

1. Qulqullinaan itti fayyadama afaanii barruu qaboo yaa'ii keessatti maal akka fakkaatu agarsiisuu
2. Iftoomina barreeffama qaboo yaa'ii ibsuu
3. Barreeffama qaboo yaa'ii keessatti yaadonni akkamitti qindaa'uu akka qaban ifa taasisuu
4. Dhugummaan barreeffama qaboo yaa'ii keessa jiraachuufi dhiisuu isaa mirkaneessuu
5. Qabiyyeewwan qaboo yaa'ii tokko qabaachuu qabu agarsiisuu.

1.4. Faayidaa qoranichaa

Qorannoon kun, qaamolee adda addaatiif faayidaa armaan gadii niqabaata: Namoota qaboo yaa'ii waajjiraalee qopheesssaniif haala qophii isaa irratti hubannoo kennuu danda'a. Kana malees, namootni odeeffannoo kallattii kanaan darbuu salphaatti akka hubataniif nigargaara. Akkasumas, guddina barreeffama Afaan Oromootiif gahee mataa isaa gumaachuufi namoota gara fuulduraatti mata duree kanaafi kan kana fakkatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a.

1.5. Daangaa qoranichaa

Qorannoon kun, qaaccessa qaboo yaa'iiGodina Arsii Lixaa, Aanaa Adaabbaatti waajjiralee mootummaa 28 jiran keessaa waajjiraalee kudhan irratti kanxiyyeeffateedha. Isaanis,WaajjiraBarnootaa,Waajjira Af-Yaa'ii,Waajjiira Bulchiinsa Magaalaa, Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummmaa, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa,Waajjira Dhimma Dubartootaafi Mirga Daa'immanii, Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa,Waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortiitiifi Waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsaa Gaariiti. Akkaataa qaboon yaa'ii manneen hojii waajjiraalee mootummaa kanneen keessatti itti qabamaa jiru xinxalleera. Isaan kanas,ulaagaa amalaafi qabiyyee duuka bu'uun qofa xiinxalle. Kanaafuu, qorannoon kuni gama bakkaatiin eddoowwan armaan olitti tuqaman qofa irratti kan daangeffame yommuu ta'u, gama xiinxalaatin immoo amalaafi qabiyyeeqaboo yaa'ii qofa ilaale. Kunis, qaboowwan yaa'ii bara 2007 waajjiraalee kana keessatti qindaa'an kan ji'a Fulbaanaa qofa fudhachuun ta'e. Bakka qaboo yaa'ii ji'a Fulbaanaa dhabettis, kan ji'a itti aanee jiruu fudhatee jira. Sababbiin Aanaan kun filatameefimmoo eddoo jireenya qoratichaa waan ta'eef, odeefannoo salphaatti sassaabachuu waan danda'uufi.

1.6. Hanqina qoranichaa

Qorannoo kana galmaan gahuu keessatti hanqinoonni qorataa mudatan jiru.Iddoon hojii qorataafi Yuunivarsiitiin walirraa fageenya waan qabaniif, kitaabilee wabii hammaafi sadarkaa barbaadameen argachuu dhabuun, yeroon qorannoon itti geggeeffamu yeroo hojii idilee qoratichaatiin waan walirra bu'eef dhiphinni yeroo mudatee ture. Haa ta'u malee, milkaa'ina qorannoo kanaatiif, qoratichi hamma danda'ameen, gorsaa isaa waliin walqunnamuufi 'iimeeliitti' gargaaramuun iddoowwan tajaajila 'intarneetaa' qaban kan kaluu jiranitti fayyadamuun odeeffannoo kan walitti funaannate yemmuu ta'u, hanqina yeroo isa muudates maqsuuf, yeroo qabu hunda qisaasa'ina tokko malee dhimma itti bahuuf dirqamee jira.

BOQONNAA LAMASAKATTA'A BARRUU

2.1Maalummaa Barruu Teeknikaawaa

Barruun teeknikaawaa, dhimmoota ijoo ta'an irratti, hubanoo horachiisuuf kan barreeffamuudha. Afaan itti fayyadamu salphaafi hubachuuf kan hinrakkifne yemmuu ta'u, barruun kun, barreeffama dirree hojiitiin wal qabateedha. Kana ilaalchisees hayyoonni, Smith –Worthington and Sue Jefferson (2011:7) yemmuu ibsan,

> *Technical writing is writing done in the work place, although the work place may be an office, a constraction site ora kitchen table. The subjects is usually technical, written carefully for a specific audience, the organization is predictable and apparent ,the styleis concise, and the tone is objective and businesslike, special features may include visual elements to enhance the message.*

Akka yaada hayyoota kanaa irraa hubannutti, barreeffamni teeknikaawaa barreefama dirree hojiitti barreefamu yommuu ta'u, dhimma teeknikaawaa kan hammatu, ofeegannoon akka hubatamuu danda'utti qindaa'ee, gabaabina haala qabuuniifi unka wal fakkaatu hammateedubbistoota murtaayaniif, haala fakkii sammuu keessatti uumuu danda'uun kan qindaa'uudha.Hayyuun biroo ammo waa'ee barruu teeknikawaa yommuu ibsu,

> *Technical writing communicates specific and factual informationto a defined audience for a defined purpose. The information is technical in nature and this is what makes technical writing differentfrom other types of writing. Broadly that audience includes techncical readers, managerial readers, or even, at times general reader,the purpose is to inform, instruct, describe, explain ,or otherwise document scientifically or industrial purposes and mechanisms (James,1994)*

Yaada kanarraa akka hubannutti ammoo, barruun teeknikaawaa, dhimmoota udumamoofi dhugummaa qaban irratti kan barreeffamu, dubbistoota murtaawoofi kaayyoo murtaawaa ta'e kan qabuudha.Qindoomina teeknikawaa ta'e waan qabuuf, kun immoo, barrreeffama gosa birootirraa kan adda isa taasisuudha.Qindoomina teeknikaawaa yemmuu jennus, guddinni qubeewwanii kan dubbifamuu danda'an ta'uu, tartiiba hubatamuun barreeffamuu, halluu qabaachuu, gabateewwan yookaan giraafiiwwan qabaachuu, unka qabaachuu, suuraa qabaachuufi aartii barreeffama nama hawachuu danda'uun dhihaachuu jechuudha.

Barruunkun, yeroo ammaa, dubbistoota bal'innaan horachaa kan dhufe yemmuu ta'u, kan barreeffamuufis ergaa dabarsuuf, qajeelfama kennuuf, haala raawwii tokkoo addeessuufi tooftaa raawwichaa ibsuufis akka ta'e yaadicharraa nihubanna.

Barruun kun, bifa dubbifamuu danda'uun qindaa'uufi himoonni ittiin qindaa'e tokkummaafi wal ta'uumsa kan qaban ta'uu qaba. Kunis, dubbistoonni yaadicha dubbisanii akka hubataniifi. Ragaawwan haqummaafi qabatamummaa qaban qindeessee kan dhiyeessu ta'uun isaa immoo,gara gabaasaatti nu geessa.Gabaasni gosa barruu kanaa akka ta'es, fuulcha nuuf laata. Kanatti aansuunis, maalummaa gabaasaa, amaloota gabaasaafi qooddiiwwan gabaaasaa qabiyyee inni of keessatti hammatu keessaa qaboo ya'ii duuka walbira qabnee kan ilaallu ta'a.

2.2.Maalummaa Gabaasaa

Jechi gabaasa jedhu, isa afaan Ingiliizitiin 'report' jedhu kan bakka bu'uudha. Isa kana bu'uura godhachuun, jalqaba gabaasni maal akka ta'e ibsuun barbaachisaadha. Gabaasa jechuun, dhimma tokko xiyyeeffannoon erga xiinxallineen booda, dhimma sana ilaalchisee,nama yemmuu sana iddoo hinjirreef, tooftaa ittiin hubaachiifnuudha.Gabaasni, dhimmoota haqummaafi qabatamummaa qaban, kanneen tartiiba sirrii ta'een qindaa'an, kan of keessaa qabu yoo ta'u, gaaffiin bu'uuraa tokko kan ittiin deebi'u, yookiin immoo ragaan barbaachisaa ta'e karaa ittiin dhiyaatuuni.Ragaan walitti qabame tokko, karaa seera qabeessa ta'een qindaa'eefi ibsamee yommuu dhiyaatu gabaasa jedhama.Gabaasni ragaa karaa adda ta'een kan dhiyeessu, sanada murtaawaa raawwii murtaaye yookan sochii murtaaye tokkooti(Eezinbarg 1982:179, Pickett 1980:273, Sussam 1991:2).

Yaada namoota armaan oliitti dhiyaatan irraa wanti hubannu, gabaasni, qaama yeroo gochi tokko raawwatu iddoo sana hinjirreef, dhimma raawwate tokko yookaan sochii godhame tokko, osoo itti hindabaliniifi irraa hinhir'isin, karaa haqa qabeessa ta'een, seeraan qindeessinee, murtee isa xumuraa, afaaniin yookaan barruun, karaa ittiin dhiyeessinuudha. Kunis raawwii itti aanee dhufuuf bifa ragaatiin kan taa'u ykn yaada furmaataa kan dhiyeessuudha.

Gabaasni tokko, ragaa ykn dhugaa tokko tokkoon dhiyeessu, adeemsa gabaasuufi yaada murtii irra gahu, qaama tokkoof, dhiyeessuun dalagaa isaati. Haata'uu malee, ragaan

gabaasaan dhiyaatu qabatamaa, kan qaama tokkoof hinloogne, kan karooraan qindaa'e ta'uu qaba. Akka Murphy and Charles (1980) jedhanitti, gabaasni qabatamaa, kan loogiin keessatti hinmul'anne akka ta'u, karaa itti gaafatamummaa qabuufi kaka'umsa miiraatiin murteessuu irra bilisa ta'een dhiyaatuu qaba. Gabaasni akkuma armaan oliitti tuquuf yaalametti afaaniin (orally) ykn barreeffamaan dhiyaachuu danda'a.Haata'uu malee, karaalee lamaan keessaa tokko filannee akka dhiyeessinu haalonni nu dirqisiisan jiraachuu danda'u. Haalota kana keessa inni tokko, gosaafi amala gabaasichaati.Dhimmi gabaasichi dhiyaatuufi eenyummaan namoota gabaasichi kalaayuufiskaraa gabaasichi itti dhiyaatuun nimurteessu. Gabaasni karaalee lamaaninuu dhihaatuu kan danda'u ta'us, kan yeroo baay'ee baratame garuu, kan barreeffamaan dhiyaatuudha. Akka namoonni baay'een itti waliigalanittis, gabaasni yoo barreeffamaan dhiyaate irra filatamaadha. Sababni kun jedhameefis kanneen armaan gadiitiif akka ta'e **አለምእሸቱ**(1997፡3) nitarreessa.

Gabaasni barruun dhiyaatu,dhiyeessaan qaamaan argamuun, ergaa isaa akka dabarsu hindirqisiisu. Kanaafuu, gabaasni barruun dhiyaatu, ergaa barbaadamu namoota yeroofi iddoo garagaraa jiraataniif dhiyeesssuun, humni, maallaqniifi yeroon akka qusatamu taasisa.Gabaasni barruun dhiyaatu, dhimma ergaa barruutiin dhiyaatu tokko, caalmaatti idiloomsa.Waan kana ta'eefis, dhimma afaaniin otoo dhiyaatee, xiyyeeffannaan hinlaatamneef, haala seera qabuun dhiyeessuun, sirriitti akka dhageettii argatu taasisuun shoora olaanaa qaba.

Gabaasni barreeffamaan dhiyaatu, waliigaltee dubbii afaaniitiin dhiyaaturra, dhimmoota dhedheeroofi walxaxoo ta'an, qaama tokko irraa gara isa birootti, dabarsuuf gahumsa qaba. Gabaasni barruun dhiyaatu, akka isa afaaniin dhiyaatuu, tartiibni isaa, ergaan isaa, akkasumas bifni isaa jijjiiramaaf saaxila hinbahu. Gabaasni barruun dhiyaatu, akka sanada tokkootti eeggameeturuu danda'a. Kanaafuu, yeroo dheeraa booda yoo barbaadamee dhiyaate, akka ragaatti xiinxallamuu danda'a.

Egaa, yaadota hayyuu armaan olitti maqaan isaa eeramerraa akka xiinxallamutti, yeroofi maallaqa qusaachuuf, dhimma tokko karaa qindaayeen dhiyeessuuf, dhimma tokko bifa ciminaafi dhageettii qabuun dhiyeessuuf dhimma tokko osoo hinjijjiiraminiifi tartiibni isaa hingeeddaramin, yeroo dheeraa tursisuufi yeroo barbaadametti akka sanadaatti akka

turu taasisuuf gabaasni bifa barreeffamaatiin dhiyaatu, isa afaaniin dhiyaaturra, filatamaa akka ta'ee hubachuun nama hinrakkisu. Gabaasni tokko yemmuu dhiyaatu, dhimmoota gurguddoo lama bu'uura taasifateeti.Isaanis, bu'aa qorannoofi qo'annoo ifa taasisuufi murtee dabarsuuf dhimmoota gargaaran tarreessanii dhiyeessufi.

2.2.1 Amaloota Gabaasaa

Gabaasni, gosoota barreeffamaa kanneen birootirraa amaloota adda isa taasisu niqaba. Kana ilaachisee yaada hayyootaa bu'uureffachuun dhimmoota bu'uraa isaan kaasan keessaa kanneen armaan gadii xiinixaluun nidanda'ama.

2.2.1.1 Sirrummaafi Haqa Qabeessummaa

Sirrummaafi haqa qabeessummaan gabaasaa, namoota dhimmichi ilaaluun qoratamee mirkanaayuu kan danda'uudha. Kanaafuu, namni gabaasa dhiyeessu tokko, osoo itti hindhimmamin,akkanumaan, dhiyeessuu hinqabu.Gabaasa dhiyeessu, yaada dhuunfaa isaa irraa karaa adda ta'een, dhiyeessuu qaba.Yaada soba ta'e dhiyeessuu hinqabu.Gabaasadhiyeessu, ragaalee gahaa ta'aniin qindeessee, akka namni dhugummaa isaa xiinxaluuf deemu, yoo madaalu mirkaneessuu danda'utti dhiyeessuu qaba (Eezinbearg 1982).

2.2.1.2 **Qabatamummaa**

Amaloota gabaasaa keessaa tokko, qabatamummaadha. Gabaasni, hojii arga-yaadaatii miti;hojii qabatamaan raawwateedha. Gabaasa keessatti yaanni dhuunfaa nama gabaasuus hammatamuu hinqabu. Karaan gocha raawwate sana ittiin ibsus, karaayaada dhuunfaa isaarraa bilisa ta'een ta'uu qaba malee, jechoota fedhii miira isaa calanqisiisanitti dhimma bahuu hinqabu (Gaartisaayied 1981).

2.2.1.3 **Qusatamummaa**

Gabaasni tokko, wanta jedhamuu barbaadame tokko, karaa ifa ta'een,jechoota muraasatti dhimmabahuun, dabarsuu qaba. Namni gabaasa barreessu tokko,jecha tokko,eessattiifi akkamitti akka dhimma itti bahu nibeeka. Kanaafuu, yaada dabarsuu barbaade tokko, osoo lafarra hinharkisin, yaada dabalataa biroos osoo itti hinmakin, dubbisaa dabarsuu qaba.Haala kanaan, gabaasni gaariin tokko, itti fayyadama jechootaatiifi karaa yaadni

ittiin darbuun qusatamaadha jenna. Qusatamum maanis, walsimannaa yaadaafi jechootaatiin malee, baay'ina jechootaatiin hinsafaramu (Parson 1975).

2.2.1.4 Ifaafi Seera Afaanii Kan Eege Ta'uu

Gabaasni, ifa ta'ee dhiyaachuu qaba.Gabaasni ifa ta'ehubannaa ifa ta'erraa madda.Kanaaf, gabaasa tokko barreessuuf ka'uun dura, waa'ee waan gabaafamuusanaa, hubannaa gaarii horachuun barbaachisaadha.Namni waa'ee waan gabaasuu tokko yaada dimimmisaaye qabu, gabaasa ifa ta'e barreessuuf ni rakkata (Sussam 1991).

Gabaasni keenya akka iftoomina qabaatu, karaalee taasisan keessaa inni tokko, jechoota seera afaanii eeganii walitti qindeessuun walduraa duuba yaadichi ittiin darbuun seera qabsiisuudha. Gara birootiin ammoo, gabaasa keessatti, jechoota ergifannootiifi jechoota nama hifachiisan kanneen ulfaatoo ta'anitti fayyadamuun barreessuun, yaada gabaasichaa akka ifa hintaane taasisa. Gabaasni kalaayus, namoota ogummaa keenya keessa jiraniif yoo ta'e malee, namoota kaawwaniif jechoota ogummaatti fayyadamuun gabaasa dhiyeessuunis ergaan gabaasichaa,akka salphaatti hinhubatame, kanneen taasisan keessaa isa tokkoodha.Waan kana ta'eef, namni gabaasa barreessu tokko,dursee dubbistoonni isaa eenyu akka ta'an xiyyeeffannaan ilaaluu qaba.

2.2.1.5 **Dubbifamummaa**

Gabaasni tokko, waan ifa ta'eef qofa, nidubbifama jedhanii yaaduun rakkisaadha.Gabaasni, dubbiftoota akka qabaatu, seera gabaasaa eeggatee barreeffamuu qaba.Gabaasa keessatti, maaltu eessatti akka barreeffamu beekuun, tuqaaletti seeraan dhimma bahuun, gabaasichi dubbistoota akka argatu dhimmoota taasisaniidha (Pickett, 1980).

2.2.1.6 Yeroo Eegee Dhiyaachuu.

Ragaa gabaasaa waljijjiiruun qaamota adda addaatiin nitaasifama.Kunis, qaama gararraa jirurraa gara qaama gara gadii jiruu, ykn, qaama gara gadii jirurraa gara qaama gararraa jiruutti, gabaasni godhamuu nidanda'a.Kaayyoon ijoon gabaasa tokkoo, gocha raawwate tokko tokkoon ibsuu, yaada kennuu,yookiin, yaada furmaataa dhiyeessuun murteen akka darbu haalota mijeessuu ijaa ta'eef, murtee barbaachisaa ta'e tokkorra gahuun, adeemsa

hojii tokkoo fooyessuuf, rakkoolee hiikuufi furmaata barbaaduuf,gabaasni yeroo isaa eeggatee, qaama barbaachisaa ta'e tokkoof dhiyaachuu qaba (Iacon 1985)

Yeroo dhaqqabuu qabu dabarsee gabaasni dhiyaatu, kan yeroo isaa eeggatee miti. Erga wantoonni manca'anii booda kan qindaa'e waan ta'eef, faayida qabeessummaan isaa hammas mara kan ija seenuu miti. Gabaasni yeroo isaa eeggatee dhiyaatus, rakkoowwan jiran yeroon dhiyeessuun, yaadni furmaataa akka kaayamu karaa saaqa.Rakkoowwan mudachuu danda'an, furmaata isaanii wajjiin, dursee dhiyeessa malee, jette jetteefi oduu namootaatiin hindurfamu.

2.2.2 Ija Dubbii Gabaasaafi Miir-Sagalee Isaa

2.2.2.1 IjaDubbii Gabaasni Ittiin Dhiyaatu(Point of View)

Ijji dubbii beekkamoon gabaasni ittiin dhiyaatu lama.Isaanis, ija dubbii ramaddii tokkoffaatiifi ija dubbii ramaddii sadaffaati. Raawwii isaan kanaas, gabaabinaan yoo ilaalle,

Ija dubbii gabaasaa

Ramaddii 1^{ffaa}	Ramaddii 3^{ffaa}
Ani /nuti	Ebalooteen hinbekkamu
Nibeeksifna	Akka yaada furmaataatti dhiyaateera.
Niibsina	Ibsamee jira
Nihubachiifna	Yaaddamee jira
Natti fakkaata	Yaalameera
Yaada koo dhiyeesse	Murtaa'ee jira

Akka gabatee kana irraa hubannutti, ijji dubbii ramaddii 1^{ffaa} dubbataan ykn dubbattoonni 'ani' ykn 'nuti' jedhaa dhimmicha ofii kan gabaasan yemmuu ta'u, ijji dubbii ramaddii 3^{ffaa} immoo, ebalooteen osoo hinbeekkamin, kan dhiyaatudha.Ija dubbii armaan olitti eeraman lamaan keessaa tokko fudhachuun, gabaasa barreessuun nidanda'ama. Akaakuu ija dubbii itti dhimma baanuukan murteessu, kaayyoofi amala gabaasa barreessuuf karoorfanneeti. Gabaasonni al-idilee yeroo baay'ee ija dubbii ramaddii 1^{ffaa}tiin

dhiyaatan.Gabaasni idilee garuu, amala dhiyaannaa isaatiin adda ta'uu irraa kan ka'e, ija dubbii ramaddii 3ffaatiin akka dhiyaatu haalichi nidirqisiisa. Namoonni hedduun akka irratti walii galanitti, ijji dubbii ramaddii 1ffaagabaasa idilee keessatti kan jajjabeeffamuu miti. (Mort 1992:97 – 99)

2.2.2.2Miirsagalee Gabaasaa

Gabaasni miirsagalee dhaabbataa ta'e hinqabu.Miirsagaleen isaa haala dhiyeenya isaa, kaayyoo isaafi gosa isaa irratti hundaa'uun gargar ta'a.Gabaasonni tokko tokko ilaalcha yemmuu calanqisiisan, isaan hafan immoo dhimma tokko qaaccessuu, yaadachiisuufi yaada furmaataa dhiyeessuu danda'u.Haala dhiyeenya isaanii kanarraa ka'uun gabaasonni shoora addeessuu, qaaccessuu, ajajuu yookaan immoo of eeggannoo kennuutaphachuu danda'u.Gabaasni addeessaa, gabaasni qaaccessaa, gabaasni qajeelfama kennuufi gabaasni akeekkachiisa laatu miirsagalee tokkoon hin dhiyaatu. Kaayyoo gabaasni tokko ittiin dhiyaatuun, eenyummaa barreessitootaafi gosa gabaasa dhiyaatuu irratti hundaa'uun, gabaasni miirsagalee adda addaa horachuu danda'a.(Mort 1992:3- 5)

2.2.3Haala Qooddii Gabaasaa

Hayyoonni akka ilaalcha isaaniitti karaa adda addaatiin gabaasa qoqqoodu.Kunis, qooddiin gabaasaa bifa tokko qofa akka hinhordofne mul'isa.Dhimma gabaasni ofkeessaa qabuun, haala dhiyeenya isaatiin, deddeebii isaatiin, boca isaatiiin, gabaasa qooduun akka danda'amu hayyoonni nidubbatu. (Pickett 1980)

Irra keessatti akkuma tuqamuuf yaalametti, qooddiin gabaasaa kallattii tokko qofa kan hordofuu miti. Qooddiin yeroo baay'ee baratameefi kan yeroo baay'ee ittiin hojjetamu garuu,gabaasa, gabaasa idileetiifi gabaasa al-idilee jedhanii iddoo lamatti qooduudha. Qooddii kanaafis bu'uura kan ta'u, haala gabaasichi sun ittiin qindaa'eedha. Qooddiin haala kanaan ta'u kun bu'uura qooddiiwwan armaan oliitti maqaan isaanii ka'ee ofjalatti hammatee qabachuu danda'a jechuun hayyoonni hedduun itti walii galu.

Gabaasni al-idilee,gabaasa idileetirraa addadha.Kunis,gabaasni al-idilee akaakuuwwan gabaasaa heddu of jalatti kan hammatu yemmuu ta'u, karaan gabaasa idileetirraa adda itti ta'u inni tokko haala gabaabina qabuun dhiyaachuu isaati. Gabaabina waan qabuufis

fuula tokko yookiin fuula muraasa irratti qofa nixumurama. Fuula muraasa qofarratti kan xumuramu ta'uu isaatiirraa kan ka'e, uwwisa alaa, cuunfaa, galata, baafata, kitaabilee wabii dabaleefi kkf of keessatti hinhammatu. Iddoo kanaaf ta'us hinqabu. (Pickett 1980)

Kaayyoon guddaan gabaasni al-idilee barreeffamuuf, yaadota murtii barbaadan qindeessanii dhiyeessuufi.Ragaa qaama tokko irraa gara qaama birootti dabarsuu, dhimmichailaalchisee hubannoo gahaa ta'e horachiisuu, irratti xiyyeeffata. Karaa kanaan ala ta'een garuu,gabaasni al-idilee dhimma tokko karoorseefi wixinee qorachuun murtee qabatamaa irra akka gahu kan isa taasisu, karaa qorannoon bal'aafi gadi fageenya qabu ittiin dhiyaatu ta'ee ilaalamuu hinqabu. Kaayyoon isaas,ka'umsuma irraayyuu, isa kanaa miti.Gabaasni al-idilee ofjalatti gosoota gabaasaa garagaraa kan hammatu yemmuu ta'u,isaan kan kessaa gabaasni yaadannoo, gabaasni adeemsaa, gabaasni imalaa, gabaasni bu'aa hordoffiifi sakatta'a koree,gabaasni dubbisaafi qaboon yaa'ii (gabaasni walgahii) bal'inaan beekkamu. Gosoonni gabaasaa kunkaayyoo barreeffamaniif irratti hundaa'uun haalli dhiyeenya isaaniitifi xiyyeeffannoon isaanii hamma tokko gargar ta'us, Mort (1992:150) akka jedhutti garuu haala qophii isaanii irratti sadarkaalee armaan gadii hordofuu qaban.



Sadarkaalee kanneen hordofuun, gabaasni al-idilee tokko, bifa seensa, qaama, goolabaafi yaada furmaataa qabuun qophaaya.

2.3 Qaboo yaa'ii

Gabaasni al-idilee akaakuwwan gabaasaa hedduu akka of keessatti hammatu irra keessatti ilaaluuf yaallee jirra.Isaan kana keessaa qaboon yaa'ii bal'inaan beekama. Isa kanaafis hayyoonni hiika,yaadni handhuura isaa walfakkaatu, karaa adda addaatiin kaayanii jiru.

Qaboon yaa'ii, ajandaa rakkoo bu'uuraa tokko irratti mari'atanii furmaata tokko ittiin kaleessuuf dhiyaatu.Qaboon yaa'ii, ragaa seena qabeessa ta'ee, nama gargaaruufi yaada bal'aa ofkeessatti qabatee,duraa duuba yaadaa eegee karaa ifa ta'een namoota koree keessa jiraniin kan qophaa'uudha. Dabalataanis, qaboon yaa'ii, tooftaa raawwii yookiin taatee waan tokkoo yaada guutuun erga ilaalleen booda, namoota yeroo raawwiin sun raawwatu iddoo sana hinjirreef barreeffamaan kan dhiyaatu (Walkot and Unwin1983, Ezinberg 1982, parson 1975). Egaa, qaboon yaa'ii ajandaa furmaata tokkoof dhiyaate, kan akka madda ragaatti taa'uu danda'u, haala seera qabeessa ta'een qindaa'ee, namoota yeroo taateen tokko raawwatu iddoo sana hinjirreef, barreeffamaan kan dhiyaatuudha.

Qaboon yaa'ii, dhugaawwan qabatamoofi qindoomina qabanitti gargaaramuun, tooftaagaafii bu'uura ta'e tokkoof deebii ittin kenninu, yookiin immoo, tooftaa ragaan murteessaan ittiin dhiyaatuun.Qabxiin ajandaa tokkoo, haala seera qabeessa ta'een irratti mari'atameefi qindaa'ee barreeffamuun murtii tokko argatee yoo dhiyaate, qaboo yaa'ii jedhama.Qaboon yaa'ii, ragaa qabatamaafi gabbataa sochii dhimma tokkorratti karaa adda ta'een dhiyaatuudha(Pickett1980, Unwin 1983, Sussam 1996). Akka yaadota kanarraa hubannutti ammoo, qaboon yaa'ii, qabatamummaa kan qabu, dhugaa jiru addeessuu yookiin tarreessuu qofarratti kan fuulleffate, bifa bilchina qabuun kan qindaa'eefi murtii walii galaati. Qaboon yaa'ii, akaakuwwan barreeffama birootirraa amaloota adda isa taasisu qaba. Asoosamni gabaabaan hojii kalaqa sammuu jalatti akkuma ramadamu qaboon yaa'iis rakkoo jiru ibsuun furmaata kaayamurrati hundaa'uu qaba (Eziberg 1982).

Walumaagalatti, yaadota hamma ammaatti xiinxallaman irraa wanti hubannu, qaboon yaa'ii, ragaa walgahii tokkoo kanbarreeffamaan taa'u akka ta'eedha.Ragaa barreffamaan taa'u waan ta'eefis, ragaa akka seenaatti yeroo dhufu keessatti eeramutu ittiin darba.Qaamni dhimmichi ilaallatus murtee dabarsuu akka danda'u, yaada ka'umsaa ta'uun tajaajila kenna. Gama birootiin, yaa'ii ragaa haftee walgahii tokkooti yemmuu jennu,taateewwanwalgahii sanarratti raawwataman tokkoo isaaniiyyuu osoo hinhambisin gabaasa jechuu miti.

Wanti qaboo yaa'ii irraa eegamu, yaada bu'a qabeessa ta'e tartiibaan qindeessuun akka ragaa hafteetti kaleessuudha. Kanaafuu, dhimmoota walgahirratti dhiyaatan, yaada araaraa, yaad furmaataa, yaadachiisa, yaada dabalataa yookiin yaada mormii jechaa ibsuu dabalatee, yoo barbaachisaa ta'e, namoota yaadicha maddisiisanis eenyummaa isaanii waliin eeruu danda'a.

Akka Gartside(1981)fi Parson (1975) ibsanitti, qaboon yaa'ii yemmuu qabamu kallattiin tokko qofti hrdofamuu baatamus qabxiiwwan xiyyeeffatamuu qabu jedhan: barreffamni isaa ifaafi kan dubbifamu ta'uu, duraa duuba isaa addaan baasuun lakkoofsi itti kennamaa deemuu, mallattooleefi gabaajjeewwan adda addaa, kanneen barreessitoonni yeroo qaboo yaa'ii barreessan itti dhimma bahan, namoota dubbisan akka hindanqinetti ofeeggannoon barreeffamuu, yaandni qaboo ya'iitiin dhiyaate iftoomina kan qabu ta'uu mirkaneeffachuu, quqlullina qaboon yaa'ii tokko qabaatuu qabuun madaaluufi fooyyessuun qabatamummaa isaa akkuma walgahichi raawwateen mirkaneessuu, yaadni qabatame, walgahii marsaa itti aanutti dhiyaatee hamma mirkanaa'utti, barreffamicha sonaan qabuu fa'i akka ta'e ibsu.

2.3.1Faayidaa Qaboo yaa'ii

Barreeffamni kumiyyuu, faayidaa ta'e tokkoof barreeffama.Faayidaan barreeffamni tokko barreeffamuuf, akaakuu barreeffamichaa irratti hundaa'uun, gargar ta'uu danda'a.Fakkeenyaaf, barreeffamni qajeelfama tokko kennuuf barreeffamuufi barreeffamni odeeffannoo tokko addeessuuf barreeffamu faayidaa wal fakkaatuuf hinbarreeffamu.Qaboon yaa'iis gosa barreeffamaa ijaa ta'eef, faayidaa barreeffamuuf kan mataa isaa ta'e qaba. Faayidaa inni barreeffamuuf kanas, hayyoonni haala adda addaatiin ibsuu yaalaniiru.

Qaboon yaa'ii, adeemsaafi murtiiwwan waajjira tokkoo ifa taasisuuf, qajeelfama fudhatanii hojiirra oolchuuf, hiriyaa waliin yaada waljijjiiruuf, wanti tokko yoomiifi eessatti akka raawwate beekuuf, yaadoleefi dhaamsa darbe hubachuuf oola.Murtiiwwan walgahii irratti darban yaadachuuf, qaboon yaa'ii iddoo olaanaa qaba.Miseensonni walgahii tokko irratti hinhirmaatinis, murtiiwwan kennaman akka beekaniifi hojiirra oolchuun gahee isaan irraa eegamu akka taphatan gargaara.Qaboon yaa'ii murtiiwwan walgahiirratti darban yaadachuun, adeemsaafi murtii waajjira tokkoo ifa taasisuuf,

murtiiwwan walgahii yeroo birootiif akka muuxannoofi madda odeeffannootti itti dhimmaa bahuuf, miseensonni walgahii irratti hinargamin murtee darbe akka beekaniif gargaara(Nuttal 1982, Namid 2015, Me Devin and Joseph 1981).

Walumaagalatti, yaadota armaan olii irraa wanti hubannu, qaboon yaa'ii, faayidaa heddu kan qabu akka ta'eedha. Faayidaalee kanniin keessaas, murtii darbe tokko ifa taasisuun namoonni iddoo sanitti hinargamin akka hubatanii hojiirra oolchan gochuu bira darbee, mata-duree marii ta'ee akka hubannoo ittiin bal'ifataniif kan ooluufi gara fuulduraatti ammoo madda ragaa qindaawaa ta'eetaa'uun murtii darbu tokko kan tumsu ta'uu isaati. Kana biras darbee, walitti bu'iinsi akka hir'atu kan taasisuudha.

2.3.2AmalootaQaboo yaa'ii

Akka Gartsaid(1981:127) ibsutti, qaboon yaa'ii amaloota bu'uraa afur of keessatti hammachuu qaba.Isaanis, qulqullina fayyadama afaanii, iftoominaa, qindoominafi dhugummaa yaadaati.Isaan kanas akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaaluu dandeenya.

2.3.2.1Qulqullinaan Fayyadama Afaanii

Barreessuun, hojii sammuu baay'ee walxaxaa, karaa barreessaan al tokkotti wantoota heddu too'achuun agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, sadarkaa himaatti,to'annaa qabiyyee, unkaa, caasaa himaa, jecha haaraa, sirna tuqaaleefi qindoomina qubeewwanii kan ofkeessatti hammatuudha. Adeemsi kunis, altokkotti wantoota hedduufi daran barbaachisoo ta'an irratti waan xiyyeeffatuuuf, hojii sammuu baay'ee walxaxaa ta'e kan gaafatu ta'uu isaa namni Hanlon jedhamu beektoota kanneen akka Bellfi Buran waabefachuun akkana jechuun ibsa:

> *Writing is an extremely complex cognitive activity in which thewriter is required to demonstrate control of a number of variables simultaneously. At the sentence level these include control of content, format, sentence structure, vocabulary, punctuationand letter formation (Hanlon 1999:19)*

Qaboon yaa'iis, gosoota barreefamaa keessaa isa tokko waan ta'eef, barreessaan qaboo yaa'ii tokko, qaboo yaa'ii guutuu ta'e barreessee kaleesssuuf, karaa qulqullina qabuun afaanitti fayyadamuurratti gahumsa gahaa ta'e kan qabu ta'uu qaba. Kanas haala armaan gadiitiiin xiinxalluun nidanda'ama.

Rakkoowwan qulqullinaan walqabataniiqaboon yaa'ii tokko yemmuu qophaa'u calanqisan sirna tuqaaleefi qubguddeessatti seeraan dhimma bahuu dhabuu, rakkoo qubeessuu, rakkoo filannoo jechootaafi caasaa jechootaatiin walqabataaniifi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.

Qaboon yaa'ii tokko karaa qulqullina qabuun barreeffamuu qaba.Kanas guutuuf jecha, barreessaan qaboo yaa'ii fayyadama afaan barreeffamarraatti of eeggannoo taasisuu qaba. Of eeggannoon inni taasisuu qabus, sirna tuqaaleefi qubguddeessaatti karaa seerri afaanii heyyamuun dhimma itti bahuu, jechoota sirriitti qubeessuu, caasaa jechootaafi dhamjechootaa karaa seerri afaanichaa heyyamuun qindeessuufi jechoota filatamoofi qusatamoo kanneen salphaatti hubatamuu danda'aniin gargaaramuudha. Kana gochuun immoo ergaan qaboo yaa'ii sanaan darbuu qabu karaa ga'uumsa qabuun osoo itti hindabalaminiifi irraa hinhir'atin akkasumas, kallattii biroo osoo hinqabatin akka darbuuf karaa saaqa.Itti fayyadama afaanii kanas haala armaan gadiitiin xiinxaluun nidanda'ama.

2.3.2.1.1 Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessa

Sirna tuqaalee jechuun, mallaattoolee, barreeffama afaan tokkoo keessatti, bakka barbaachisaa ta'anitti galuun, ergaan barreeffamaa, afaan itti dhiyaateen, akka inni haala gaariin darbu kan taasisaniidha. Beektoonni maalummaa sirna tuqaalee irratti yaadota adda addaa dhiyeessanii jiru.Geetaachoo (2003:47).

> *Afaan tokko yemmuu barreeffamu, sirna tuqaalee ofii isaa qabaachuun barbaachisaa ta'a. kanaaf, sirna tuqaalee barreeffama Afaan Oromoo keessatti gargaaran adda addaa nijiru. Sirni buufataa jechuun, barreeffama tokko mallaattoo buufataa beekamoo ta'aniin kaasuu, kaasutti qooduuf sirna nu gargaaruudha,*

jedha.

Gama biroon sirna tuqaalee jechuun,"Haala boqatuun yookaan himni tokko yoo ijaaramu kan ittiin fayyadamnu mallaattoo adda addaatti,'' jechuun ibsa. (Wasanee,1996:210).

Ibsa armaan olii kana irraa kan hubatamu,sirni tuqaalee, ergaa barreeffamaan dabarsuuu keessatti, mallattoolee heddumminaan fayyadan ta'ee, itti fayyadamni isaa haala ergaa barreessaan dabarfachuuf barbaade irratti kan hundaa'u ta'uu isaati. Hima tokko ijaaruu keessatti, sirni tuqaalee, mallaattoo milkaa'ina ergaa barreeffama sanaa haala

barbaachisaa ta'een kan bakkaan gahuudha. Sirni tuqaalee, ergaa tokko barreeffamaan dabarsuu keessatti baay'ee barbaachisaadha. Sirni tuqaalee, hima tokko akkamiin dubbisuu akka qabnu,iddoo kamitti himni tokko akka dhaabatu, yaadonni tarree galanii hiiriran eessatti akka gargar bahan, caasaaleen akkamii akka walitti hidhamanii dhiyaatan,itti fufiinsi jiraachuufi jiraachuu dhabuufi dhimmoota kana fakkaatan barreeffama tokko keessaa akka hubannuuf kan nu gargaaraniidha. Kanaafuu, barreessaan tokko yemmuu barreeffama tokko qopheessu, dhimmoota beekuu qabu keessaa inni tokko, tuqaalee afaanicha keessa jiraan keessaa kamiin eessatti dhimma itti bahuu akka qabu yoo beeke qofaadha kan ergaa dabarsuu barbaade sana hanqina tokko malee dabarsuu danda'u.

Dhimmoota barreeeffama tokko dubbistoonni akka sirriitti hubatan taasisan keessaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessa iddoo sirrii ta'etti itti dhimma bahuu akka ta'e olitti tuqamee jira. Sirna tuqaaleetti seeraan dhimma bahuun, barreefama keessatti iddoo haara galfannaa mul'isuuf, daangaafi gosa hima tokkoo agarsiisuuf, miira ittiin barreeffameen mul'isuuf, yaadota walitti fiduuf, yaada shakkii kaa'uuf, yaadoota tartiiban tarreessuufi kan kanafakkataniif nama gargaara. Barreessaan tokko, faayidaa sirna tuqaalee kana yoo sirriitti addaan baasee kan beekuu ta'e, ergaa dabarsuu barbaade tokko barreeffama isaa keessatti hanqina tokko malee dabarsuu danda'a. Kana ilaalchisee, Chanea (2001), yoo ibsu, sirna tuqaalee seeraan fayyadamuun ergaa barreeffamaan darbu tokko keessatti qooda olaanaa waan qabuuf ergicha haala sirrii ta'een dabarsuufi dabarsuu dhiisuu irratti shoora guddaa qaba, jechuun kaaha. Kanaafuu, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuun, ergaa qulqullina qabu dabarsuuf, gaaleewwaniifi ciroowwan walqabsiisuuf, wantoota barreeffama keessatti xiyyeeffannoo barbaadan ittiin agarsiisuufi barreeffamni tokko seeraan akka dubbifamuuf gumaacha laata.

Gama birootiin ammoo, dubbisaanis,ergaa barreeffama tokkoo, dhimmoota akka hubatu isa gargaaran keessaa,faayidaa sirna tuqaalee beekuun isa ijoodha. Kana ilaalchisee Ezor and etal (1984) sirni tuqaalee barreffama keessatti fayidaa guddaa kan qabu ta'uu ibsanii jiru. Gilazier (1991) ammoo, faayidaa sirna tuqaaleefi qubguddeessi dubbistootaaf kennu mallattoo tiraafikaatiin walbira qabuun yemmuu ibsu, akkuma

mallattoon tiraafiikaa tokko konkolaataa tokko daandii tokkorra akka deemuufi dhaabbatu isa taasisu, sirni tuqaalees, barreeffama keessatti, dubbistoonni itti fufanii akka dubbisaniifi iddoo dhaabbachuu qabanitti ammoo akka dhaabbatan isaan taasisa yaada jedhu lafa kaa'a.

Walumaagalatti, yaadota hanga ammatti xiinxaline kana irraa akka hubanuutti,sirna tuqaalee seeraan fayyadamuun,ergaa barreeffamaan qaama tokkoof darbu keessatti, ergicha haala sirrii ta'een dabarsuufi dabarsuu dhiisuu irratti gahee qaba. Kana malees, caasaa barreeffama tokkoo addaan qooduun roga rogaan akka dubbiisaan hubatu taasisa. Dubbisaan, barreeffamicha akka haalaan hubatee dhimmoota xiyyeeffannoo irratti godhuu qabu irratti xiyyeeffatu nigargaara. Sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhabuun immoo, yaada barreessaa dubbisaan akka hinhubanne gufuu ta'uu bira darbee, dubbistoonni, barreeffamicha caasaa caasaan akka adda baafaachuu hindandeenye taasisa. Miidhagina barreeffamichaa irrattis mudoo waan uumuuf,barreeffamichi fudhatamuummaa akka hinqabne taasisa.

Barreessan tokko, sirna tuqaalee qofa osoo hintaane, itti fayyadama qubguddeessaa irrattis xiyyeeffachuu qaba. Qubguddeessa jechuun, mallaattoolee barreeffama afaan tokkoo keessatti bakka barbaachisaa ta'anitti galuun ergaa barreeffama afaan sanaa akka inni haala gaariin darbu kan taasisaniidha. Bakkeewwan qubguddeessa barbaachisanitti, seera qubguddeessa fayyadamuun, qubeewwan barreeffaman keessaa kanneen xiyyeeffannoo akka argatan barbaanne sana, keessaa adda gochuun guddisuun qubguddeessa jedhama. Qubguddeessa barreeffama keenya keessatti bakkeewwan xiyyeeffannoo akka argatan barbaannutti itti fayyadamna.Jechoota barbaachisoo ta'anitti mallaattoo gochuuf, jalqaba himaa irratti galuun qubguddeessi nu tajaajila. Sirna tuqaalee waliin ta'uunis wanta barreessaan tokko jechuu barbaade dubbisaan akka hubatuuf gahee mataa isaa gumaacha.

Kanaafuu, barressittoonni qaboo yaa'iis, qaboo yaa'ii tokko yemmuu qaban, itti fayyadama sirna tuqaaleefi qubguddeessa irratti ofeeggannoo gochuu qabu. Itti fayyadamni kunis, akkaataa seerluga afaanichaa keessa taa'een ta'uu qaba. Yoo kana ta'e qofaadha, barreessittoonni ergaa dabarsuu barbaadan guutummaatti kan dabarsan; dubbistoonnis rakkoo tokko malee dubbisanii hubachuu kan danda'an.

2.3.2.1.2 Qubeessuu

Qubeessuun, adeemsa jechoota dubbii mallattoo barreeffamaatti jijjiiruuti yookaan dandeetti tartiiba qubeewwanii jecha afee yookaan barreeffama keessatti burqiisiisuti(Beekan 2015:159). Akka yaada kanaa irraa hubannutti, qubeessuun, tooftaa tartiiba qubeewwan fudhatama qabaniin jecha uumuu yookaan jecha sirrii ta'e barreessuuti. Adeemsi kun, tooftaa mala sirrii ta'een jechoota barreessuuti. Tooftaan kun immoo, dandeettii adda baasanii hubachuu, yaadachuu,waraabuufi barreeffamaan tartiiba qubeewwan sirrii ta'aniin jecha uumuu ofkeessatti hammata.

Qubeessuun sirrii ta'e tokko, karaa barreeffamaatiin walqunnamtiin qulqullina qabu akka raawwatu taasisa. Qubeessuun hanga hinraawwannetti barreeffamni jiraachuun kan hinyaadamneedha. Kanaafuu, qubeessuun bu'uura barreeffamaa ta'uun nifayyada. Ergaa barreeffamaan dabarsuun barbaadame rakkoo malee dabarsuuf,walqunnamtii gaarii taasisuuf ,kan dubbisu ergaa ifa ta'e irraa fudhachuuf ,dandeetti barreessuu keessatti rakkoo qunnamu salphiisuuf ,hiikawwan adda addaa addaan baafachuuf qubeessuun shoora gudda taphaata.

Hanqinni namoonni yemmuu barreeffama tokko qopheessan uuman rakkina qubeessuuti. Rakkinni kunisAfaan Oromoo keessatti bal'inaan akka mul'atu Abarraafi Kaawwan (1996:89) ibsanii jiru. Kun immoo, sababoota adda addaatirra madda. Isaan kana keessaa inni tokko, dogoggora sagaleessuuti.Dogoggorri sagaleessuu dogoggora qubeessuu akka fidu hayyuuleen afaanii niibsu (Temple1991fi Jemes 1994). Sababni isaas namni wanta sagaleessu sana qubeessa waan ta'eef jedhu. Kanas Crystal (1987:67), "knowing the correct pronouncation for each word is important to remember it's spelling,"jechuun sagaleessuun qubeessuu waliin akka hidhata qabu ibsa.

Rakkoon qubeessuu inni biroo immoo, rakkoo seeraafi amala dhamsagoota afaanichaa beekuu dhabuu irraa maddu.Afaan Oromoo kessattii dhamsagni jalqaba, gidduufi dhumarra galuun jijjiirama hiikaa kan argamsiisuu danda'uudha. Kanarraa wanti hubannu, jecha tokko keessatti jalqabas ta'ee gidduu yookiin immoo xumura irratti dhamsaga tokko yemmuu barreessinu, hiikni isa duuka walqabate jiraachuu isaati.

Kanaafuu, tartiibni nuti dhamsagoota ittiin barreessinuun, jecha jechuu barbbaanne sana karaa ibsuun ta'uu qaba.

Dhamsagoonni Afaan Oromoo kunis dubbifamaafi dubbachiisaa jdhamuun iddoo lamatti qoodamu. (Addunyaa 2014, Tilahun 1980, Abdulsamed1994fi Taammene 2000). Isaan kun barreeffama keessatti yemmuu dhufan, seerota mataa isaanii qabu. Hayyoonni maqaan isaanii armaan oliitti tuqame kunniin seerota kanayemmuu ibsan yaadota lafa kaa'an keessaa kanneen armaan gadii ijoodha.

Dubbifamoonni Afaan Oromoo keessa jiran, jecha tokko uumuuf yemmu hiriiran, amala mataa isaanii qabu.Amalli kunis, jabachuufi laafuu sagaleewwan jecha tokko uumuuf walfaana hiriiranii irratti kan mul'atuudha.Sagaleen laafaan dubbifamaa tokkoon, sagaleen jabaan ammoo, dubbifamaa gosa tokkoo lamaan bakka bu'a.Haala caasaa birsaga afanichaatiin jalqabaafi xumura jechoota Afaan Oromoo irratti sagaleen waan hinjabaanneef, jechi dubbifamaa lamaan eegalus ta'ee, dubbifamaa lamaan xumuramu afaanicha keessa hinjiru. Facaatiifi wal faana hiriiranii argamuun dubbifamootas akkaataa uumama isaanii irratti hunda'uun waldida.Akkuma dubbifamoonni jechoota afaanichaa keessatti facaatiin isaanii heddummaatu jiran, kanneen facaatiin isaanii muraasa ta'anis jiru.

Dhamsagoonni dubbachiisaa ammoo, dheerachuufi gabaabbachuu sagaloota walfaana hiriiruun jecha tokko uumaniit bakka bu'u.Kunis, sagaleen tokko yemmuu gabaabbattu, dhamsaga dubbachiisaa tokkoon, yemmuu dheeratu immoo, dhamsaga dubbachiisaa gosa tokkoo lamaan bakka bu'a.Dubbachiistonnigosa adda addaa lamas jechoota Afaan Oromoo keessatti walduukaa hiriiiranii hingalan.Dubbachiisaan gosa tokkoolamaa olis walitti aanee dhufuu hindanda'u. Kana malees, caasaan birsaga jechootaa kan ergifannaan gara afaanichaatti dhufanis ta'ee, kanneen jechoota garee adda addaatirraa uumaman sirreesssuuf dubbachiistonni akka saagduutti tajaajilu.

Egaa, barreessaan qaboo yaa'ii tokkos, qaboo yaa'ii yemmuu qopheessu, seera hiriira dhamsagoota afaaniichaa eegee barreessuu qaba.Qaboon yaa'ii rakkina qubeessuu qabu tokko dubbisanii hubachuun rakkisaa waan ta'eef, ergaan darbu nidanqama. Fudhatamummaan isaas nihir'ata (Gratside 1981).

2.3.2.1.3. Ittifayyadama Caasaa Dhamjechootaatiifi Filannoo Jechootaa

Afaan, caasaalee garaagaraa kanneen karaa seera qabeessa ta'een walitti dhufanii hiika kennan,ofkeessaa qaba. Caasaalee kanniin keessaa, dhamjechi isa tokko yemmuu ta'u ,dhamjechi kunis, hirkataafi walaba jedhamuun iddoo lamatti qoodama.Caasaa Afaan Oromoo keessatti, waa'ee unka hiika qabuu tokko xiinxalluun sadarkaa kanatti eegala. Finch(2005:99)fi O'Grad(1996:112) dhamjecha yoo hiikan, "Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function,"jedhu.Kana irraa kan hubannu, dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kan hiikaafi tajaajila caasluga tokkootiif dhaabate ta'uu isaati.

Dhamjechi, qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa akka ta'eef ,qaamni kun ammo, unkaan hirkataa yookiin ofdanda'aa ta'uu akka danda'u, armaan olitti ibsamee jira.Afaan Oromoo keessatti, akkuma afaanota biroo, unkaawwan xiinqooqaa ofdanda'anii hindhaabanne warra ofdanda'ootti fufamanii hiika dabalataayookiin tajaajila caaslugaa agarsiisu.Amalli kun afaanota hundaa keessa jiraachuu akka danda'u Bickel and Nicho (2001:8)yoo ibsan akkana jedhu.

> *Every language has elements with some of the properties characterize of independent words and some characteristicsof affixes. Such element act like single word syntactic constraitsin that they function as heads, arguments,or modifiers with in phrases, but like affixes in that, they are dependent in some way or another, on adjacent words.*

Dhamjechootni afaan biroo keessatti walaba ta'an, Afaan Oromoo keessatti hirkatoo ,akkasumas, afaanicha keessatti kanneen walaba ta'an, afaanota biroo keessatti,hirkatoo ta'uu danda'u.Kunis, amala afaanota sanaat bu'uureffata.

Bu'uuruma kanaan, Afaan Oromoo keessatti, unka isaanii irratti hundaa'uun dhamjechoota walabaatiifi dhamjechoota hirkatoo jechuun bakka lamatti akka qoodaman Addunyaan (2011:8) ni'ibsa. Dhamjechi barreeffama keessatti yemmuu tajaajila kennu, akkaataa dhaabbii isaatiin ta'uu qaba.Kana jechuun, dhamjechi hirkataan jechatti maxxanee yemmuu barreeffamu, dhamjechi walabaa immoo, jecha waan ta'eef,barreeffama keessatti ofdanda'eet dhaabbata jechuudha.

Jechi immoo, bakka bu'aa muuxannoo tokkooti.Kana ilaalchisee Beekan (2015:195) waa'ee jechaa yemmuu ibsu,"Jechi bakka bu'aa yaadati.Dhalli namaas dhageettii isaa

mara mallattoo jechootaatiin bakka buusuun namoota biroo waliin haasawaan yookiin barreeffamaan walqunnamtii uuma," jedha.Addunyaa(2014:35) nis, waa'ee jechaa yemmuu ibsu, "Jechi qindoomina dhamsagootaa,birsagootaafi dhamjechootaakan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatuufi ofdanda'ee dhaabbatuudha,"jedha.

Jechi qindoomina sagalee ta'e kan hiika guutuu qabuudha. Jechi mallaattoolee sagalee dubbiitiin, seera barreeffama afaanii eegee, akkaataa hiika qabaachuu danda'uun walfaana bu'ee kan ijaaramuudha. Karaa biraatin, jechi wanta dhageenye, urgeeffannu,dhandhamannu,ilaalcha wantoota kanneeniif qabnu,gabaabumatti muuxannoo keenya akka bakka bu'uu danda'u (Beekan,2015:240) niibsa.

Akka yaada kana irraa hubannutti, jechi tokko, muuxannoo jireenyaa keenya keessatti hiika qabeessa yoo ta'e, yaadrimeen hiika sanaa yemmuu dubbannus ta'ee yemmuu dubbifnu nuuf galuu danda'a. Yemmuu dubbataan dubbatu, jechi jedhamuu barbaadamu tokko, sirritti sagaleeffamuu qaba.Yemmuu barreessaan barreessu immoo, seera afaanii eegee qubeeffamee, walaba ta'ee dhaabbachuun ,hiika akka dabarsu barbaadame kan dabarsu ta'uu qaba.

Barreessan tokko yoo barreessu ergaan inni dabarsuu barbaadu sun, dubbiftoota biraan karaa ifa ta'een bahuu akka danda'u jechoota seera afaanii eegee qubeessuufi qindeessuu qaba. Kanneen ergaa isaa dabarsuu danda'anis filaachuu qaba.Barreessuun, dandeettii jechoota sirriifi ifa ta'anitti gargaaramuun, karaa nama hawatuu danda'uun qindeessuun ergaa dabarfaachuu gaafata. Barreessaan tokko sadarkaa dubbistoonni yaada isaa hubachuu itti danda'aniin jechoota filaateefi seera afaanii eegee qindeessuun dhiyyeessuu qaba.Kana ta'uu baannan, walqunnamtiin barreessaafi dubbisaa jidduu jiru gufuu godhata.

Kanaafuu,jechoonniifi dhamjechoonni hiika waan baataniif, barreeffama keessatti, karaa seera qabeessa ta'een qofa dhimma itti bahuu qabna.Yoo kuni ta'uu baate immoo, ergaan barreeffamichaan darbu sun mudaa godhata.Yaada barreefamaan dabarsuu barbaanne tokko, karaa ifa ta'een dabarsuuf jechoota filatamootti dhimma bahuun baay'ee barbaachisaadha.Barreeffama tokko dubbistootaaf yoo qopheessinu, jechoota ergaa barreeffama keenyaa sirritti ifa taasisanitti, dhimma bahuu qabna.Qaboon yaa'ii

tokko iftoomina akka qabaatuuf jecha, barreessaan qaboo yaa'ii filannoo jechootaa irraattiofeeggannoo gochuu qaba (Winterowdfi Nixon1989, Gartside 1981).

Qaboo yaa'ii tokko yemmuu barreessinu, jechoota ergaa qaboo yaa'iitiin darbu sana sirriitti ifa taasisanitti gargaaramuu qabna.Yoo kana ta'uu baate garuu, qaboon yaa'ii keenya iftoomina waan dhabuuf, dubbistoonni dubbisanii ergaa isaa hubachuu irratti rakkinni isaan mudata.Qaboon yaa'ii sunis fudhatamummaa dhaba.

Haa ta'u malee, jechoota filatamootti dhimma bahuun barreeffama tokko qopheessuun, dhimma akka laayyotti raawwatamuu miti.Jechoota yaada keenya nuuf dabarsan filachuuf hedduu yaaduuqabna (Stewartfi Allen 1997). Waan kana ta'eefis, qaboon yaa'ii nuti qopheessinu, jechoota hiikni isaanii nama rakkisu, jechoota ergisaa, kanneen barbaachisoo hintaaneefi kanneen karaa hifachiisaa ta'een qindaa'anitti dhimma bahuu irraa of qusachuu qabna. Jechoota ogummaattis yemmuu dhimma baanu, of eeggannoon ta'uu qaba.Isaan kunis, ergaa barreeffamaan darbu tokko hubachuu irratti, gufuu ta'uu akka dandaa'an namni qaboo yaa'ii qopheessu tokko dagachuu hinqabu.

Rakkoowwan filannoo jechootaatiin wal qabatan hir'isuuf, irra deddeebi'anii shaakaluun barbaachisaadha.Rakkoowwan kanneenis hir'isuuf,barreeffama xumuraa osoo hinqopheessin dura, irra deddeebiin dubbisuun, jechoonni nuti itti fayyadamne karaa ergaa dabarsuuf barbaanne sana ifa taasisaniin ta'uufi dhiisuu isaanii, addaan baafachuu qabna.Kana malees,barreessaan tokko rakkoolee filannoo jechootaatiin walqabatanii isa mudatuu danda'an hir'isuuf, irra deddeebi'ee barreessuu qaba(Winterodfi Nixon 1989, Reid1997).

2.3.2.2 Iftoomina

Ifa ta'ee argamuun,amaloota qaboo yaa'ii keessaa tokko. Qaboon yaa'ii tokko fudhatamummaa argachuuf iftoomina qabaatee argamuu qaba. Ifa haa ta'uyemmuu jedhamus, karaa miseensonni yaa'ii sana irratti hinargamin dubbisanii hubachuu danda'aniin ta'uu qaba jechuudha. Qaboon yaa'ii tokko akka iftoomina qabaatuuf jecha, barreessaan filannoo jechootaa irrattti of eegannoo taasisutu isa irraa eeggama. Kanas, karaa itti gaafatamummaa bu'uura godhateen yemmuu raawwatu, iftoomina qabachuun qaboo yaa'ii sanaa nidabala.

2.3.2.3 Qindoomina

Qaboon yaa'ii tokko, yaada cunfamee murtaaye,karaa tartiba qabuun qindeessee dhiyeessuu qaba. Qaboon yaa'ii qindomina qabu wantoota walgahicha irratti jalqabaa hamma dhumaatti rawwataman, tartiiba isaanii eeguun dhiyeessa.Yaada xumuraa irra gahameefi murtii godhames ifa godheet mul'isa. Qaboon yaa'ii haala kanaan barreeffame tokkos, walgahicha irratti yaadota akkamiittu ka'an?, Adeemsi walgahichaa maal fakkaata ture? Walgahichis akkamitti xumurame?...gaaffilee jedhan dubbisaa biratti hinuumu.

2.3.2.4 Dhugummaa

Qaboon yaa'ii dhugummaa qabaachuu qaba. Qabxiileen isa keessatti hammataman kanneen sirriifi dhugaa ta'an qofa ta'uu qabu.Qaboo yaa'ii tokko keessatti yaadni miseensonni yaa'ichaa itti walii galan yoo hammatame,qaboon yaa'ii sun dhugummaa qaba jechuun kaasuun nidanda'ama. Gama biraatiin ammoo, qaboo ya'ii tokko keessatti yaadni miseensoni yaa'ichaa itti walii hingalin yoo hammatame, dhuga qabeessummaafi fudhatamummaa qaboo yaa'ii sanaa baay'iseegadi buusa. Kanaaf jedhameetis, dhugummaafi sirrummaa qaboo yaa'iitiif duursi nilaatama.

Qaboon yaa'ii amaloota irra keessatti eeraman bu'uura godhachuun barreeffamu dubbifamummaafi fudhatamummaan isaa nidabala. Barreessaan qaboo yaa'ii tokkos kana dagachuu hinqabu.

2.3.3 Qabiyyee Qaboo Yaa'ii

Qaboon yaa'ii dhimma bal'aa ykn dhiphaa hammachuu danda'a. Qaboon yaa'ii bal'aas ta'ee dhiphaan qabxiiwwan gaditti tarreeffaman kanhammatu ta'uu qaba. Qabxiiwwan qaboon yaa'ii hammachuu qabu keessaa tokkoguyyaa walgahichi itti geggeeffame. Ezinberg (1982) guyyaa walgahichi itti geggeeffame ilaalchisee yemmuu ibsuqaboon yaa'ii tooftaa marii yookiin murtii tokko qalbiidhaan erga xiinxallineen booda namoota yeroo raawwii sanaa naannoo sanatti hinargaminiif ittiin dhiyeessinu waan ta'eef guyyaafi sa'aatii mariin sun itti geggeeffame qabachuun namoota yeroo san hinjirre akka hubatan akkasumas marii sanirratti yaadota ka'an sa'aatiifi guyyaan galma'uun murteessaa akka

ta’e ibsu. Yaaduma kana deeggaruun Williams (1984) akka ibsetti koreen marii sanarratti argaman gahee isaan irraa eegamu raawwachuufi itti gaafatamummaa jalaa bahuufillee guyyaafi sa’aatii mariin itti taasifame qabachuu akka qaban hubachiisa.

Brown (1981)fi Williams (1984) akka ibsanitti adeemsa marii keessatti namni mari’achiisus ta’e miseensi mari’atu wanta gumaachan akka qaban kaa’u. Richard (1990) immoo, qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko maqaa dhaabbatichaa gahee koree sanaa wajjiin qabachuun murteessaa akka ta’eefi ergaa dabarsuu barbaaddames ta’ee murtiin kennamu kallattii maqaa dhaabbata mariin irratti taasifame addaan baasee kan ibsu malee kan walitti qabee ibsu ta’uu hin qabukaraa jedhuun lafa kaa’a.

Akka yaada hayyoota kanarraa hubanutti, miseensonni marii taasisan wanti isaaniirra eegamu maqaa dhaabbata marii keessatti adeemsisanii, maqaa dhaabbata yookiin waajjira dhimma isaa mari’ataniifi gahee koree isaanii maqaa wajjiin qaboo yaa’ii irratti akka qabamu gochuu akka qaban nu hubachisa.

Nattall, (1982) fi Ur (1996) akka ibsanitti qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko bakka waltajjiin itti geggeeffamu ta’ee,kunis gaaffii essatti jedhudeebisa.Akka yaada hayyoota kanarraa hubannutti murtiin darbe eddoo addaa tokko qabaachuufi gaaffii eessattiraawwatame?jedhuuf deebii akka kennu ibsu.

Qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko kaayyoo walgahichaati. Kaayyoo Walgahii tokkoo barreessuun walgahichi kaayyoo maaliif akka mari’atame beekuuf nama gargaara. Pickett, (1980) akka ibsutti ammoo qaboon yaa’ii dhugaawwan qabatamaafi qindaawaa ta’anitti gargaaramuun tooftaa gaaffii bu’uura ta’e tokkoof deebii ittiin kenninu yookiin ammoo tooftaa ragaan murteessaa ittiin dhiyeessinu ta’ee, kaayyoo maaliif akka mari’atame hubachuuf gargaara jechuun ibsa. Dabalataanis, McDonough and Shaw (1993) yemmuu ibsan mariin taasifame qajeelfama yoota’e fudhatanii hojii irra oolchuuf akka nama gargaaru ibsu.

Nattall(1982) qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko geggeessitoota waltajjii san geggeessan gahee isaanii wajjiin qabachuun barbaachisa akka

ta’e ibsiti. Dabalataan Grant (1987) yaaduma kana deeggaruun yoo ibsu geggeessitoonni walgahii gahee isaanii wajjiin qabachuun namni (qaamni) dhimmi ilaallatu hojii isa ilaallatu hojjechuu isaa mirkaneeffachuun alatti miseensota walgahii sanaa walitti qindeessuun ajandaa walgahii dhiyeessuun yaanni bilchinaan akka irratti mari’atamu hirmaattotaaf carraa walqixxa kennaa kan waltajjii san abbumaan qideessudha jedhu.

Nuttall (1982) fi Ur (1996) akka ibsanitti maqaan hirmaattotaa (gahee qaban wajjin) qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko ta’ee kunis eenyu fa’atu hirmaatee? Gaheen isaa maali? Gaaffii jedhuuf deebii kenna. Harmer (1991) yaaduma kana dabalee yoo ibsu waltajjii sanirratti eenyu akka mari’ateefi gaheen miseensa sanaa maal akka ta’e, dhimmi irratti mari’atame sana eenyu akka mari’ateefi gahee nama sanaa yoo hinbeekne fudhatama qabaachuu irrati shakkii fiduu isaa ibsa.

Qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko maqaa hirmaattota hayyamaan hafaniiti. Kanaanis miseensi koree san keessa jiru marii san keessatti sababa hinhirmaatiniif ibsamuu qaba. Akka yaada Johnson (1982)fi Widdowson, (1987) ibsanitti wantoota qaboo yaa’ii keessatti hammatamuu osoo qaban, osoo hinhammatamin hafanii rakkoo uuman keessaa maqaa hirmaattota hayyamaan hafaniiti. Akka yaada hayyoota kanarraa hubannutti miseensonni waltajjii sanii namoota hayyamaan hafan qabachuu dhabuun mariin mari’atame yookiin murtiin murtaa’e sun yoo dogongora qabaate itti gaafatamummaa miseensota hirmaatan san wajjiin qixxee akka qabaatan namatti muli’sa.

Qabxiiwwan qaboon yaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko mariin sun yoom eegalee yoom akka raawwate beekuu akka ta’e hayyuun Cook (2001) jedhamu niibsa.Mariin mari’atame sun saa’atii kamitti eegalee saa’atii kamitti akka xumurame ibsuu qaba.Walgahiin taasifamu sun fudhatamakan argatu yeroon itti eegalameefi itti xumurame akkasumas saa’atii inni fixe yoo ibsameedha.

Eskey (1988),Williams (1984) akka ibsanitti qabxiiwwan qaboonyaa’ii tokko hammachuu qabu keessaa inni tokko murtiiwwan walgahii irratti darban mirkaneessuudha.Murtiin walgahii tokkoo kennuun duras bal’inaafi gadifageenyaan mari’achuun barbaachisaadha. Sadarkaan kun gocha miseensonni murtii kenname barreessuu dura yeroo dheeraa fudhatanii itti yaadaniidha.Qalamni waraqaa qunnamuun dura waa’ee mata durichaa baasanii buusuun murtiirra gahuun barbaachisaadha.

Pickett,(1980) ammoo qaboo yaa'ii tokko barreessuun dura marii geggeessuun dhugaawwan qabatamaafi qindaawoo ta'anitti gargaaramuun tooftaa gaaffii bu'uura ta'e tokkoof deebii ittiin kenninu yookiin ammoo tooftaa ragaan murteessaan ittiin dhiyaattuti jedha. Ragaan funaanname tokko haala sirna qabeessa ta'een miseensota hundaan irratti mar'atamee qindaa'ee qaacceffamuu akka qabus ibseera.

Qabxiiwwan qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu keessaa gahee dhugaa tarreessuu, ragaa qaaccessuu, adeemsawwan gabaasuufi goolaba irra gahuunnama yookiin garee murtaawaa tokkoof geessuuyookiin dhaqqabsiisuudha. Grant (1987) akka ibsetti, tarkaanfii fudhachuun qabatamummaa dhugaa tarreessuu, ragaa qaaccessuu, adeeemsawwan gabaasuufi goolaba irra gahuu of keessaa qaba.

Marphy akka jedhutti, qaboon yaa'ii qabatamaa, gartummaan kan irra hinmul'anne, sirrummaa kan qabu, ragaa amanamummaa qabu irratti kan hundaa'e, miira dhuunfarraa bilisa kan ta'e ta'uu qaba.Dhimmoonni kunniinis qaboo yaa'ii akaakuuwwan barreeffama birootirraa adda taasisan.

Qabxiiwwan qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu keessaa tokko beellama walgahii idilee itti aanuti. Kunis guyyaa, iddoo, saa'atii murteessuudhaan kan ibsamu akka ta'e hayyoonni ni'ibsu(Ezinberg 1982). Kunis namoonni walgahii sanirratti hinhirmaatiin guyyaa walgahii itti aanuu akka beekaniif nigargaara. Kana jechuun miseensonni walgahii sun sababa adda addaatiin yoo marii keessaa guyyaa tokko hafan qaboo yaa'ii san dubbisanii beellamni walgahii itti aanuu yoomiifi eessatti akka ta'e hubachuuf isaan gargaara jechuudha.

Walumaagalatti, yaada hayyoota kanaatirraa akka hubannutti, unki qaboo yaa'ii tokko, qabiyyee isaatiin kan of ibsu ta'uufi kan gaafii dubbistootaa keessatti gama kamiinuu hinuumne ta'uu qaba. Walgahiin tokko yoom akka geggeeffame, eessatti akka geggeeffame, eenyufaa akka irratti hirmaatan, yaadni achirratti ka'e maal akka ta'eefi eenyu yaada akkamii akka kaase akkasumas murtiin waliigalaa irra gahame maal akka ta'e, karaa iftoominaafi qulqullina qabuun kan ibsu ta'uu qaba. Dhimmoonni tartiibaan qindaa'uun, namoonni walgahii sanarratti hinargamin, dubbisanii murtii darbe karaa hubachuu danda'aniin taa'uu qabu.

Egaa, barreffamni qaboo yaa'ii tokko yemmuu qophaa'u, ergaa barbaachisaa ta'e tokko akka dubbistoonni dubbisanii hubachuu danda'anitti ittiin dabarsuuf, barreessitoonni

qulqullinaan itti fayyadama afaaniitiifi qabiyyee unkichaa irratti ofeeggannoo gochuu qabu.Kana malees, jechoonni qaboo yaa'ii sana keessatti itti dhimma bahaman, karaa ergaa sana guutumatti dabarsuu danda'aniin filatamanii, tartiibeffamuun qubeeffamuu qabu.Himoonni jechoota kanarraa uumaman yemmuu barreeffaman sirna tuqaaleefi qubguddeessi iddoo sirrii ta'etti galuu qabu. Kunis karaa iftoomina, qindoominaafi dhugummaa of keessatti hammateen ta'uu qaba. Gama birootiin immoo, qaboon yaa'ii sun dhimmoota akka guyyaa, iddoo, namoota hirmaatan, yaada marii, murtii darbeefi kan kana fakkaatan karaa gaafii gama kamiinuu dubbistoota keessatti hinkaafneen hammatee argamuu isaa barreessaan qaboo yaa'ii tokko mirkaneeffachuu qaba. Yoo kuni ta'uu baate garuu, ergaan qaboo yaa'ii sanaan darbu kan iftoomina hinqabneefi fudhatamummaan isaa kan hir'atu ta'a.

2.4 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Yuunivarsitii kana keessatti hamma ammaatti mata duree kan irratti sadarkaa digirii lammaffatti (MA)tti qorannoon dalagame hinjiru.Yoo jiraata ta'ees kan kaayame hinagarre. Haata'uu malee kallattiin walitti dhufeenya qabaachuu baatanis hamma tokko walitti kan siiqan jiru. Isaan kuniis ,

1.**አሸናፊ በለጠ፡፡ "የቃለ ጉባኤ ምንነትና አይነት በስምንት የመንግስት መስሪያ ቤት የቃለ ጉባኤ ቅርፅ ላይ ተመስርቶ፡፡"** mata duree jedhuun ittiin guuttannaa digrii tokkoffaatiif jedhamee Ashannaafii Ballaxaatiin bara 1994 kan dalagame. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa maalummaafi unka qaboo yaa'ii irratti kan xiyyeeffateedha.

2.**ሽዋዬ ለገሰ፡፡ "የወንጀልና የችሎት ዘገባ አቀራረብ በአዲስ ዘመን ጋዜጣ፡፡"** mata duree jedhuun Shawaayyee Laggasaatiin bara 1990 ittiin guuttannaa digrii tokkoffaatiif ophaa'e. Xiyeeffannoon qorannoo kanaatiis gabaasni yakka raawwate tokko irratti godhamu akkamitti akka barreeffamuu qabu irratti kan xiyyeeffateedha.

Qorannoo kana qorannoowwan kanneen irraa dhimmoonni adda taasisan nijiru.Dhimoota kanneen keessaa inni tokko, xiyyeeffannoon qorannoo kanaati. Xiyyeeffannoon isaas, amalaafi qabiyyee qaboo yaa'ii irratti waan ta'eef kanneen olitti eeraman irraa adda.Gama birootiin immoo yeroofi iddoo itti gaggeeffaneenis kanneen armaan oliitirraa adda.

BOQONNAA SADII

MALA QORANNICHAA

Qorannoo tokko geggeessuuf, malli qorannoo barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan qorataan qorannoo kana geggeessuuf malleen jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadame. Sababni isaas ,qorannoo keessatti odeeffannoon guuramu lakkoofsaan osoo hintaane ,ibsan hiika kan argatu waan ta'uufi. Waa'ee mala qorannoo kanas Abiy et al (2009:36) yoo ibsan, "Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summery or analysis," jedhu. Qorannoon mala akkamtaatiin geggeeffamu, odeeffannoo argate, mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiyyeessa(Zoltan 2007). Qorannoo kana keessattis kanumatu ta'e.Odeeffannoon argames, gadi fageenyaan, ragaan deeggaramee xiinxalameejira. Addunyaa (2011) yaada kana yoo cimsu, "ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan 'akkam? maaliif?' jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati," jedha. Yaada kanarraas wanti hubatamu, malli kun, ragaa tokko gadi fageenyaan qaaccessuurratti humna kan qabuufi gama amanamummaafi hubannoo bal'isuutiinis mijataa ta'uu isaati. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas qaaccessa amalaafi qabiyyee unka qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa keessa jiranii irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, qoratichi mala kanatti dhimma bahuuf filatee jira.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, qaaccessa amalaafi qabiyyee qaboo ya'ii waajjiraalee mootummaa aanaa Adaabbaa qaaccessuufi. Kana gochuudhaafis, qoratichi qorannoo isaa mala akkamtaatti gargaaramuun ragaa funaanee ibsaan qaaccessee jira. Ragaa kanas, gadi fageenyaan xiinxalee erga ibseen booda, argannoofi yaada furmaataa irra gahee jira.

3.2 Madda Ragaa

Qorannoo kana keessatti, maddi ragaa qoratichi dhimma itti bahe madda ragaa tokkoffaati. Akka madda ragaa tokkooffaatti galmee qaboo yaa'ii waajjiraaalee kanaa sakatta'ee jira.

3.3 Mala Iddattoofi Iddattessuu

Waajjiraalee mootummaa aanaa qorannoon kun irratti xiyyeffatee jiru hundumarraa odeeffannoon osoo guuramee, bu'a qabeessummaa qorannichaa daran akka cimsu qorataan kun ni'amana. Haa ta'u malee,kun humna qorannoo kanaatii ol ta'a. Sababni isaasyeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisoo ta'an gahaatti waan gaafatuufi.Kanaafuu, iddattootti gargaaramuun barbaachisaadha. Gosa qorannoo akkamtaa (qualitative research) keessatti ammo haalota, gochoota yookiin dhimmoota ibsuu irratti kan xiyyeeffatamu waan ta'eef, dhimma iddatteessuutiif xiyyeeffannoon guddaan hinlaatamu.

Kanumarraa ka'uun, qoratichi, gosa iddatteessuu miti–carraa kana keessaa ammoo gosa tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyootti (purposive sampling) dhimma bahee jira. Sababni isaas iddattoon filatamaan kaayyoofi qabiyyee qorannichaa irrattikanhundaa'an waan ta'aniifidha. Akkayyoo kan jedhameefis, akka kaayyoo qorannichaatti waan ta'eefi.

Kanumarratti hundaayuun,qoratichi, galma gahiinsa qorannoo kanaatiif gosa iddatteessuu kessaa miticarraafi achi jalatti immoo iddatteessuu akkayyootti dhimma bahuun odeeffannoo guureera.Akkasumas odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu filateera.Kanaanis, galmee qaboo yaa'iiWaajjiraalee Mootummaa Godina ArsiiLixaa, AanaaAdaabbaa irratti xiyyeeffateera. Aanaan kun sababni filatameef, iddoo hojiitiifi iddoo jireenya qoratichaa waan ta'eef,odeeffannoo salphaatti argachuu waan danda'uuf. Waajjiraaleen mootummaa aanaa kana kessatti argaman 28 keessaa qorataan waajjiiralee 10 qofa filaatuun qorannoo isaa gaggeesseera. Waajjiraaleen kunneenis,waajjira Barnootaa,Waajjira Afyaa'ii, Waajjira Bulchiinsa Magaalaa,Waajjiira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa,Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortii, Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Mirga Daa'immaniitiifi Waajjira Siivil Sarviisiitiifi Bulchiinsa Gaariiti.Qorataan waajjiraalee kanneenirratti kan xiyyeeffateef iddoo ragaan qaboo yaa'ii 'iccitiidha' jedhamuun itti hinittifamne jedhee wan amanuuf,odeeffannoo qorannoo kanaaf argachuu nidanda'a jedhee murteessuun.

3.4 Meshaalee Funaansa Odeeffannoo

Sakatta'iinsi galmeeakka meeshaa funaansa odeefannootti qorannoo kana keessatti dhimma itti bahameera. Sababni kunta'uufis qaboon yaa'ii waajjiraalee kanaa galmeedhaan qindaa'ee kan jiru waan ta'eefi.

Meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun qorataan qaboo yaa'ii waajjiraalee filatee kan ji'a Fulbaanaa sakatta'eera.Iddoo ragaan ji'a Fulbaanaa hinjirretti kan ji'a itti aanee jiru xiinxallee jira.Kanaanis qaboon yaa'ii sun amaloota qaboon yaa'ii tokko qabu qabaachuufi dhiisuu xiinxalee jira.Qabiyyee unka qaboo yaa'ii jalatti immoo qaboon yaa'ii qophaa'e sun dhimmoota qaboon yaa'ii hammatu hunda ofkeessatti hammachuufi dhiisuu sakatta'ee jira.

3.5 TooftaaleeQaaccessaa Ragaa

Qorataan qorannoo kana keessattii odeefannoo meeshaa sakkata'a dookimantiitiin sassaabe mala akkamtaatiin qaaccesseera. Sabaabni isaa odeeffannoon guuramekun,kan jechaan ibsamu waan ta'eefi. Adunyaa(2011) waa'ee qoranoo akkamtaa kana yommuu ibsu,qorannoon akkamtaa, gaaffiiwwan "Maaliif? Akkamitti? jedhan deebisuuf carraaqa.Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa," jedha. Kanuma irratti hundaa'uun, qorataanis mala kanatti fayyadamuun ragaalee sassaabe fakkeenyaafi ragaadhaan deeggaruun qaaccessee jira. Dhumarrattis odeeffannoo walitti qabamanii mala akkamtaatiin hiika argatanii argannoorra gaheera..

BOQONNAA AFUR

XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti, kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun, sakatta'a galmee qaboo yaa'ii waajjiraaleetu dhihaate. Akkuma boqonnaa sadaffaa mataduree iddattoofi mala iddatteessuu jedhu jalatti ibsametti, odeeffannoon qorannoo kanaa kan sassaabame waajjiraalee mootummaa Godina Arsii Lixaa, Aanaa Adaabbaa keessaa kanneen qorataan iddattoof filate irraayi. Waajjiraaleen kunis, Waajjira Barnootaa, Waajjira Afyaa'ii, Waajjira Bulchiinsa Magaalaa, Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa, Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa, Waajjira Dhimma Dubartootaafi Mirga Daa'immaanii, Waajjira Aadaafi Tuurizimii, Waajjira BarnootaTeeknikaafi Ogummaa, Waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortiitiifi Waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsa Gaariiti.Odeeffannoon Ragaalee funaannamanii kunis,Waajjiraalee irraa fudhatame wajjin gabatee armaan gadiitiin qaacceffamee dhihaatee jira.

Odeeffannoon sakatta'a galmeewwanii keessaa funaannaman akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti qindaa'anii mala akkamtaatiin ibsamanii jiru.

4.1. QXiinxala Amalaafi Qabiyyee Barreeffama Qaboo Yaa'ii Keessatti

Barruun qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa keessatti yemmuu qophaa'u amalaafi qabiyyee unkaatiin walqabatee, hanqinnoonni mul'atan nijiru.Hanqinnoonni kunniinis, haala armaan gadiitiin ibsamaniiru.

4.1.1. Xiinxala Ragaalee Ija Amaloota Qaboo Yaa'iitin

Akka Gartside(1981),jedhutti qaboon yaa'ii tokko amaloota mataa isaat qaba.Amaloonni kunis,qulqullina fayyadama afaanii,iftoominaa qindoominaafi dhugummaadha. Qulqullinni, iftoominniifiqindoominni dhimmoota itti fayyadama afaaniitiin wal qabataniidha.Qulqullinni itti fayyadama afaanii akkaataa caasaaleen afaanii seera afaanichaa eeggachuun karaa ergaa hubatamuu danda'u dabarsuuf ittiin taa'aniidha. Qaboon yaa'ii tokko iftoomina qaba kan jedhamus barreessaan qaboo yaa'ii sanaa namoonni wal gahii sanarratti hin'argamne karaa dubbisanii hubachuu danda'aniin taateewwan wal gahii sanarratti raawwataman tartiibaan yemmuu qindeesseedha.Kana gochuuf immoo qulqullinaan itti fayyadamni afaanii qabata. Itti fayyadamni afaanii kunis

filannoo jechootaa, haala jechoonni ittiin hiriiranii yaada ittiin dabarsan, sirna tuqaaleefi qubguddeesssa akkasumas haala jechoonni ittiin qubeeffaman of keessatti hammata. Dhugummaan qaboo yaa'ii tokkoo kan mirkanaa'u yaadni miseensonni marti irratti walii galan qofti yemmuu qaboo yaa'ii tokko keessatti hammatameedha.Yaadni kun immoo bifa iftoominaafi qindoomina qabuun qaboo yaa'ii sana keessatti hammatamuu qaba.

Kanumaan wal qabatee barruun qaboo yaa'ii waajiraalee qorataan irrtii xiyyeeffate keessatti yemmuu qophaa'u gama amaloota qabaachuu qabuutiin hanqinnoota hedduutu keessatti calaqqisa. Hanqinnoonni kunniinis, hanqinna qulqullinaan itti fayyadamaa afaanii kanneen akka sirna tuqaaleefi qubguddeessaa, hanqina qubeessuu, hanqina walsimannaa jechootaatiifi dhamjechootaa, hanqina iftoominaa, hanqina qindoominaafi dhugummaati. Qaboowwan yaa'ii waajjiraalee kunis dhimmoota kanaan walqabateen haala armaan gadiitiin xiinxalamaniiru.

4.1.1.1 Qulqullinaan Fayyadama Afaanii

Barreessaan tokko ergaa guutuu ta'e tokko dabarsuuf afaan ergaa ittiin dabarsu san qulqullinaan dhimma itti bahuu irratti gahumsa kan qabu ta'uu qaba. Qulqullinni afaan barreeffamaas dhimmoota hedduu of keessaa qaba.Isaan kunis haala armaan gadiitiin dhihaatanii jiru.

4.1.1.1.1 Fayyadama Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessaa

Qaboo yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanii keessatti hanqinni sirna tuqaalee kallattii adda addaatiin mul'atee jira.

Fayyadama Qoodduu(,)

Qoodduun hima keessatti jechoota ykn gaaleewwan tarree galanii hiriiran adda baasuuf , guyyaa barreesuuf,ciroowwan caasaan wal hingitne adda baasuuf, qabsiistoota hima walqabsiisan booda, seensistoota himawalqabsiisan boodas akka galuu qabu hayyoonni adda addaa nieeru (Adduuyaa 2014 fi Geetachoo 2003). Haa ta'u malee, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanii kanneen keessatti, qooddutti haala kanaan dhimma bahuu dhabuun mul'atee jira.Kanaas, fakkeenyaata armaan gadii irraa hubachuun nidanda'am.

Lakk.(1) *Jamaal Galatoo D/m/B Garraadelloo* ---(Qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessa kan fudhatame.)

Yaada lakk.(1) keessatti akka taa'ee jiruun, kan jedhamuu barbaadame, Jamaal Galatoo, Dura bu'aa Mana Barumsa Garaadellooti.Gaaleen, 'Dura bu'aa Mana Barumsa Garaadelloo' jedhu, 'Jamaal Galatoo' waan ibsuuf, qoodduun maqaa, 'Jamaal Galatoo'jedhurraa gargar bahuu qaba ture.Haa ta'u malee, haalli inni kuni ittiin taa'een hidhata Jamaal Galatootiifi Manni Barumsaa Garaadelloo qabu bifa agarsiisuun waan hintaaneef dubbisanii hubachuf nama rakkisa.

Lakk.(2). *Kanaafuu dhimma kaan walqabatee*---(Qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa Keessaa kan fudhatame.)

Caasaan lakk.(2) keessa jiru kan hima keessaa iddoo kanatti fudhatamellee yemmuu xiinxallamu, qoodduun ceesistuu 'kanaafuu' jedhuufi jecha 'dhimma' jedhu gidduu osoo galuu qabuu hingalle. Kanarraa ka'uun, himni kun, hidhata inni hima isa duraa waliin qabu ifatti mul'isuf, walqabsiistuu galte booda, iddoo haara galfannaa hinqabu.

Lakk.(3) *Walumaa galatti hannaafi saamichi wanta babal'ataa jiruuf eegdoon naannoo waajjiraafi waajjiraan alattis* ---(Qaboo yaa'ii waajjira af-yaa'ii keessaa kan fudhatame.)

Caasaa lakk.(3) keessatti, walqabsiistuu 'walumaagalatti' jettu booda qoodduun osoo galuu qabduu hingalle.Ciroo hirkataa, 'hannaafi saamichi waan babal'ataa jiruuf' jedhuufi ciroo of danda'aa isatti aanee jiru gidduus qoodduun osoo galuu qabuu hingalle. Rakkoon haala kanaan mul'atu kuniis, dubbisaan, yaadoota kanneen gama isaan walitti hidhata qabaniin walitti fidaafi adda baasaa dubbisee ergaa hubachuuf qabu akka keessaa hinhubanneef, gufuu ta'uu danda'u.

Qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanii keessatti, iddoo qoodduun galuu qabutti immoo, sirna tuqaalee birootti dhimma bahuunis nimul'ata. Kanas, fakkeenyoota armaangadii keessatti xiinxaluun nidanda'ama.

Lakk.(4) *Guyyaa 16/1/2007* (Qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa kan fudhatame)

Guyyaa, ji'aafi bara addaan baasuuf haalli lakk.(4)keessatti itti dhihaate kun, seeraa afaanichaa keessatti kennataa miti. Mallattoo qoodduutti dhimma bahuun addaan qoodutu seera afaanichaa keessatti mul'ata. Adeemsi haala kanaan barreessuu kuni, waajjiraalee xiinxalaman hundumaa keessatti mul'atee jira.Kuni, waliigaltee dhoorguu baatus, dhaaba dhabuu akkaataa barreeffamichaatiif, gahee mataa isaa gumaachuu danda'a. Namni akkataa guyyaa, ji'aafi barri itti barreeffamu, barreeffama adda addaa keessatti, karaalee adda addaatiin argu, isa sirrii ta'e adda baafatee hubachuuf nirakkata.

Lakk.(5) *Waa'ee deegarsaa dhaabbilee adda addaa ilaalchisee qaamoonni deeggarsa nu gaafatan:- tokko Waajjira Bulchiinsaa Godina Arsii Lixaati*.(Qaboo yaa'ii Bulchiinsa Magaalaa keessaa kan fudhatame).

Dhuma caasaa lakk.(5) irratti mallattoon taa'e, sirna tuqaalee Afaan Oromoo keessa kan jiruu miti. Kanaafuu, tajaajila isaatiifi wanta inni bakka bu'u hubachuun rakkisaadha. Iddoo haara galfannaa agarsiisuufi tarii, caasaan itti aanee dhufu immoo, dhaabbiin ciroohirkataa kanaan kan wal hinginne ta'uu mul'isuuf qoodduun iddoo kanatti tajaajila kennuutu jiraatuu qaba ture. Garuu, barreessitoonni dhimma kana irratti hubannoo waan hinqabneef, haala armaan olitiin kaayuun hanqinni itti fayyadama qoodduu akka mul'atu taasisee jira.

Fayyadama Sarara Xiqqaa

Qaboowwan yaa'ii xiinxalaman keessatti, hanqinni sarara xiqqaa iddoo maletti dhimma itti bahuunis mul'atee jira. Sararri xiqqaan, jechi tokko sarara tokkorratti kan hindhumneefi gara sarara itti aanutti ce'uu isaa agarsiisuuf dhumarra gala. Jechoota diigala ta'an gidduus nigala(Addunyaa 2014).

Kuni ta'uu osoo qabuu, yaadoota armaan gadii qaboo yaa'ii keessaa akka fakkeenyaatti fudhataman keessatti, karaa gama kamiinuu tajaajila armaan olitti eerameen wal hinfakkaanneen, sararri xiqqaan tajaajila irra oolee jira.

Lakk.(6)

a. *Sa'aatii 2:30* - (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa kan fudhatame).
b. *Tanni dhimma obbo-Makonnin wali qabatu*--- (Qaboo Yaa'ii Waajjira Siivil Sarviisii keessaa kan fudhatame)
c. *Karoora dhunfaa qopheefatee kan iddoo tokkotti hinqabnee ta'uu*- gabaasnii (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa keessaa kan fudhatame)
d. --- *guyyaan bobbaatti Gaafa guyyaa 30 ji'a jechaa hanga guyyaa 09-07-2007 tti kan itti turamu*--- (qaboo Yaa'ii Waajjira Dhimma Dubartootaafi Mirga Daa'immanii keessaa kan fudhatame)

Fakkeenyoota lakk.(6) jalatti dhiyaatan kanneen keessatti, akkuma mul'atu, sararri xiqqaan, iddoowwan galuu hinqabnetti yommuu galee jiru argina. Kunis, faayidaa sararri xiqqaan ooluu qabuuf irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu agarsiisa.

Fayyadama Mallattoo Waraabbii

Qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneen keesatti, haasawa naomootaa akka jiruun fudhatame, mallattoo waraabbii keessa galuu osoo qabuu, osoo hingalin hafuun, hanqina mul'ateedha. Kunis, fakkeenyoota armaan gadii, kanneen qaboo yaa'ii keessaa kallattiin fudhatamaniinibsamee jira.

Lakk.(7)*Hogganaan waajjirati hin argamu jechuudhan hojii ajeessuun ni muldhata*. (Qaboo Yaa'ii Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame).

Yaada armaan olitti lakk.(7) jalatti tuqame keessatti 'Hogganaan waajjiratti hin argamu' kan jedhu yaada dubbataatii miti. Namni yaada kana dubbate, yaada namoonni biroo jedhan waabeffachuun, yaada ibsatee jira. Kanaafuu, yaadichi yaada dubbataatiin gargar bahee mallattoo waraabbii keessa taa'uu dhabuun, yaada dubbataatiin akka gargar bahee hinbeekkamne taasisee jira.Kanneen armaan gadiis hanqinuma kana mirkaneessu.

Lakk.(8)

a. *Aangoo irraa naabuusu hin dandeetan jettee kaaste*---(Qaboo Yaa'ii Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame)

b. *Kenaa madaallii ykn qabxii ilaalchisee B'n naaf kennamu qaba jattee* (Qaboo Yaa'ii Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame)

Lakk.(8) jalatti waabeeffannaan haasaa namoota birootirraa fudhataman, mallattoo waraabbii keessa iddoo itti galuu qabanitti galuu dhabuun akka hanqinnaatti mul'atee jira. Kun immoo, barreeffama keessatti, yaada dubbataan kallattiin ibsaa jiru tokko, isa inni kan nama biroo waabeeffachuun kaaye irraa gargar baafatee dubbisaan akka hubachuu hindandeenye taasisa.

Fayyadama Mallattoo Gaaffii (?)

Mallattoon gaafii, hima keessatti gaafii gaafachuuf, yaada shakkii kan barreessaan itti hinamanne agarsiisuuf oola. Kun ta'e utuu jiruu, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xinxaalamanii keessatti, itti fayyadama mallattoo gaaffiitiin walqabatee, hanqinoonni mul'atan jiru.Hanqinnoonni kunis, fakkeenyoota armaan gadiitiin ibsamanii jiru:

Lakk.(9)

a. ---*maalif muuxannoon akka wal jijjraan hitaasifamne.*(Qaboo Yaa'ii Waajjjira Siivil Sarviisii keessaa klan fudhatame).
b. ---*yooAbdoon rakkoo qabaate maalif kophaatti itti hinkenaamne* ---(Qaboo Yaa'ii Waajjira Dhima Hojjetaafi Hawaasumaa keessaa kan fudhatame).

Hanqinoonni lakk.(9) keessatti mu'latan, dhumarratti mallattoo gaaffii galchuu dhabuudha. Mallattoon gaaffii hima deebii barbaadu barreeffama keessatti agarsiisa.Himoonni kunis, kanneen deebii barbaadan waan ta'aniif, dhumarratti mallattoo gaafiitiin taa'uu dhabuun isaanii hanqinna barreeffamoota qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneen keessatti calaqqisu.

Fayyadama Tuqlamee (:)

Gama birootiin immoo, tuqlame iddoo galuu qabuti galchuu dhabuun nijira. Tuqlameen, hima keessatti, wantoota tarreeffamanii dhufan dura galuun ibsi kennamuuf akka jiru mul'isa. Kana malees, sa'aatiifi daqiiqaa addaan baasuuf oola. (Getachew 2003:160). Haata'u malee, qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessatti tuqlameen iddoo tajaajila

akkanaa kennuu qabutti, osoo hingalin hafee jira. Fakkeenyonni armaan gadiis yaaduma kana mirkaneessu.

Lakk.(10) *iddoo wal-gahii WBLTO* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa keessaa kan fudhatame).

Hima lakk.(10) keessatti sararri xiqqaan iddoo galuu hinqabnetti galuu bira darbee, tuqlameenis bakka galuu qabutti galee hinjiru. 'Iddoo walgahii' erga jedhamee barreeffameen booda ibsi wa'ee iddoo kanaa kennamaa jiraachuu isaatiif tuqlameen seenee 'Iddoo walgahii:WBLTO' jedhamee barreeffamuu qaba ture.

Lakk(11).*Walitti qabaa Gabbisaa Hailu* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Dhimma Dubartootaatiifi Mirga Daa'immanii keessaa kan fudhatame).

Caasaa lakk.(11) keessattis, tuqlameen yaada ibsi irratti kennamu, ibsa kennamu irraa gargar baasuuf, galuu osoo qabuu, galee hinjiru. Caasaan kun, 'Walitti qabaa: Gabbisaa Hayluu', jedhamee barreeffamuu qaba ture. 'Gabbisaa Hayluu', kan jedhu, walitti qabaan sun eenyu akka ta'e ibsa. Kanaafuu, tuqlameen tajaajila akkanaatiif waan ooluuf galuu qaba.

Fayyadama Mallattoo Tuqaa (.)

Mallattoo tuqaa, kan himni himamsaa tokko iddoo itti xumuramuu qabu agarsiisutti, dhimma bahuu dhabuunis, darbee darbee mul'atee jira. Mallattoon kun, tajaajila kanaaf kan oolu, yeroo baay'ees kan dhimma itti bahamu, ta'ee osoo jiruu, barreessitoonni qaboo yaa'ii ariitiin barreessuufi daangaa yaanni tokko itti goolabamu hubachuu dhabuu irraa kan ka'e,irra utaalamee jira. Fakkeenyonni armaan gadiitti qaboowwan yaa'ii keessa fudhataman, yaada kana ifa nitaasisu:

Lakk.(12)… *dhimmi kun rakkisaadhaa gara m/B birootti yoo darbee gaarii miti.* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnootaa keessa kan fudhatame).

Caasaa armaan olitti lakk.(12) jalatti dhiyaate kana keessatti, mallattoon tuqaa jecha 'rakkisaadha' jedhuufi jecha 'gara' jedhu gidduu galee xumura hima jalqabaatiifi jalqaba hima lammataa agarsiisuu qaba ture. Haa ta'u malee, mallattoon kuni, iddoo kanatti

argamuu dhabuun, yaadichi, karaa daangaa hinqabneen, walitti hidhamee hubannoof rakkisaa akka ta'u godhee jira.

Lakk.(13) *aangoo irraa na buusu hin dandeetan jette kaaste kana garuu nuuti gochalee hindandeenyuu.* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame)

Caasaan lakk.(13) kunis, akka iftoominaan hindubbifamne, dhimmoota taasisan keessaa inni tokko, mallattoon tuqaa iddoo galuu qabutti,galuu dhabuu isaati.Jecha 'kaaste' jedhuufi 'kana' jedhu gidduu tuqaan osoo galuu qabuu, galuu dhabuun isaa, yaanni gara garaa daangaa tokko malee, walitti aanee dhufee, hubannoof akka rakkisu taasisee jira.

Egaa, ragaalee armaan olitti qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xiyyeeffannoon irratti godhame irraa kallattiin akka jiranitti fudhataman keessaa hubachuun akka danda'amutti, sirna tuqaaleetti karaa sirrii ta'een dhimma itti bahuu dhabuun bal'inaan mul'atee jira. Rakkoolee kanneen keessaa, caalmaan kan mul'atu qoodduu iddoo galuu qabutti galchuu dhabuu yemmuu ta'u, iddoo qoodduun galuu qabutti mallattoo biroo galchuu,sarara xiqqaa, tuqaa, mallattoo waraabbii,mallattoo gaaffiifi kanneen biroo iddoo galuu qabanitti galchuu dhabuunis nimul'ata.

Kun ammoo,akkuma Ezor and et al (1984) ibsuuf yaalanitti, faaydaa sirni tuqaalee barreeffama keessatti qabu, kan akka iddoo haara galfannaa mul'isuu , daangaafi gosa hima tokkoo agarsiisuu, miira barreessichaa hubachuu,yaadota walitti fiduu,yaada shakkii kaa'uufi kkf, akka barreeffamoota kana irraa hubachuun hindanda'amne taasiseera.Gama birootiin, kana jechuun, ergaa barreeffama tokkoo, qixa sirrii ta'een dubbisaan akka hinhubanne gochuu danda'a. Rakkooleen akkanaa kunneenis, seera itti fayyadama sirna tuqaalee irratti hubannaa dhabuufi xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu irraa maddu.

Qaaccessa Fayyadama Qubguddeessaa

Akka Geetaachoon (2003) jedhutti qubguddeessi, Afaan Oromoo keessatti, jalqaba himaatiifi maqaalee waamsaa (dhuunfaa) ittiin jalqabuuf oola. Haa ta'u malee, qaboo yaa'ii wajjiraalee kanneenii keessatti, qubguddeessa, haala kanaaan dhimma itti bahuu

dhabuun nimul'ata. Kanaanis walqabatee, iddoowwan himni qubee guddaan osoo jalqabuu qabuu, qubee xiqqaan itti jalqabe, hedduutu jiru.Yaada kaafneef akka fakkeenya nuuf ta'aniif qofa, kanneen armaan gadii qaboo yaa'ii wajjiraalee kanneenii keessa fudhatamanii jiru.

Lakk.(14)

a. *gara m/B birootti yoo darbe gaarii miti.* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnoortaa keessaa kan fudhatame)
b. *waajjiraaleen foddaafi balballi osoo*---(Qaboo Yaa'ii Af-yaa'ii keessaa kan fudhatame)
c. *waa'ee hojiiwwan adda addaa kallattii qabsiisuu ilaalchisee* –(Qaboo Yaa'ii Bulchiinsa Magaalaa keessaa kan fudhatame)
d. *inni biroo immoo*---(Qaboo Yaa'ii Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame).

Qaboowwan yaa'ii waajjiraalee akka fakkeenyaatti fudhataman keessaayis ta'ee kanneen hafan keessatti, haala akka armaan olitti lakk.(14)jalatti ibsametti qubguddeessa jalqaba himaa irratti osoo fayyadamuu qabanuu, dhimma itti bahuu dhabuun mu'latee jira.Fakkeenya kanneen keessatti jechoonni 'gara', 'waajjiraalee', 'waa'ee'fi 'inni' jedhaman jalqaba irratti waan argamaniif, qubee guddaan eegaluu osoo qabanuu, qubee xiqqaan haala kanaan taa'uun isaanii hanqina dhimmicharratti beekumsaafi xiyyeeffannoo kennuu dhabuurraa maddeedha.

Gama biraatiin immoo, jechoota maqaalee dhuunfaa hintaane, hima keessatti kanneen jalqabarra hindhufne, qubee guddaan jalqabuunis akka hanqinaatti dhimma muldhateedha. Kanas, fakkeenyoota armaan gadiitiin mirkaneeffachuun dhimma jedhamuu barbaadame kana ifa taasisuuf nigargaara;

Lakk.(15)

a. *Walgala Hoogansa isaa dandeetiif waan hin Qabneef guyyaa*--- (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa kan fudhatame)

b. *Haala Nageenya aanaa keenyaa*(Qaboo Yaa'ii Waajjira Af-Yaa'ii keessaa kan fudhatame)
c. *Waa'ee Deeggarsa dhaabbileea adda addaa* (Qaboo Yaa'ii Bulchiinsa Magaalaa keessaa fudhame)
d. *Nuti Rakkoo Waraqaa hin qabnu* ----(Qaboo Yaa'ii waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa fudhame)
e. *Apple Guddaa* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa keessaa fudhame)

Fakkeenyoota lakk.(15) jalatti tuqaman kanneeniifikan kanneen fakkaatan keessatti, jechoonni himni ittiin hineegalle, kanneen gidduu himaa keessa jiran, osoo maqaa dhuunfaa hintaane, qubee guddaan kaayamanii jiru. Kanas, hima jalqabaa keessatti jechoonni 'Hooggansa'fi 'Qabneef'jedhaman, hima lammafaa keesatti jechi 'Nageenya'jedhu, hima sadaffaa keesatti jechi 'Deeggarsa',jedhu hima afraffaa keessatti jechoonni 'Rakkoo'fi 'Waraqaa', jedhaman, hima dhumaa keessatti jechi 'Guddaa'jedhu qubee xiqqaan osoo barreeffamuu qabanuu, qubee guddaan taa'uun isaanii, akka hanqinaatti dhimma xiinxallame.

Dabalataan immoo, maqaalee dhuunfaa, kanneen qubee guddaan eegalu qaban,qubee xiqqaan jalqabuun barreesuunis muldhatee jira. Kunis, fakkeenyota armaan gadii kanneen qaboo yaa'ii waajjiraalee keessaa fudhachuun, haala armaan gadiin dhihaatanii jiru:

Lakk.(16)

a. *muhaammad Rashuu* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnootaa Keessaa fudhatame)
b. *Yaa'ii idilee onkoloolessa*---(Qaboo Yaa'ii Waajjira Af-Yaa'ii Keessaa fudhatame)
c. *yohaanis Agonaafir* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Durbartootaafi Dhimma Daa'immanii Keessaa fudhatame)
d. *Addee gabii Tolaa* (Qaboo Yaa'ii Waajjira Barnoota, Teeknikaafi Ogummaa Keessaa fudhatame)

Himoota armaan olitti lakk.(16) jalatti tuqaman keessatti, jechoonni, 'muhaammad', 'onkolooleessa', 'yohaanis'fi 'gabii' jedhaman, maqaalee dhuunfaati. Maqaaleen

dhuunfaa, hima keessatti iddoo kamittuu yoo dhufan, qubee guddaan jalqabu.Haa ta'u malee, himoota armaan olitti akka fakkeenyaatti qaboo yaa'ii waajjiraalee keessaa fudhataman kanneen keessatti, qubee xiqqaan kaayamuun isaanii, seera itti fayyadama qubguddeessaa irratti hubannoon gahaan akka hinjirre muldhisa.

Walumaagalatti, hanqinni qubguddeessatti seeraan dhimma bahuu dhabuu, kan waajjiraalee hundaatuu walfakkataadha. Hanqinoonni kunneenis, gidduu himaa keessatti, jechoota maqaa dhuunfaa hintaane, qubee guddaan eegaluu, kanneen maqaa dhuunfaa ta'anii jechoota lamarraa ijaaraman, qubee xiqqaafi qubee guddaan haala walmakaniin teessisuufi hima qubee xiqqaan eegaluudha.

Barreeffama tokko keessatti, qubguddeessatti kan fayyadamnuuf ammoo, dubbistoonni barreeffama keenya dubbisanii haala gaarii ta'een akka hubatan taasisuufi. Kanaafuu, seerri qubguddeessaa, kan barreessaan tokko waa'ee seerichaa beekuun of eeggannoon dhimma itti bahuu qabu malee, kan akkuma itti fakkaatutti itti fayyadamuu miti. Haata'uu malee, barreeffamoota qaboo yaa'ii hamma ammaatti ilaallaman kanneen keessatti seerri qubguddeessaa, karaa sirrii ta'een, hojiirra oolee hinjiru.Himni qubee xiqqaan jalqabee jira. Gidduu himaa keessatti,jechoonni maqaa dhuunfaa hintaane, qubee guddaan jalqabuun barreeffamanii jiru. Kana malees, maqaaleen dhuunfaa qubee xiqqaan jalqabuun barreeffamanii jiru.Hanqinoonni gama kanneeniifi kan kana fakkaataniin jiran, waajjiraalee xiinxallaman hundaa keessatti, hammi sadarkaa isaanii wal haa caalu malee, mul'atanii jiru. Hanqinoonni kun immoo, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee keessatti qophaa'an, akka iftoomina hinqabne godhu. Iftoominni hinjiru taanaan immoo, fudhatamummaafi dubbifamummaan qaboo yaa'ii sanaa nihir'ata. (Nuttal 1982).Maddi rakkoo kanaa immoo, hubannaan qopheessitoonni qaboo yaa'ii itti fayyadama qubguddeessaa irratti qaban laafaa ta'uufi xiyyeeffannoo kennuu dhabuurraa madda.

4.1.1.1.2 Qaaccessa Fayyadama Qubeessuu

Qubeessuun sirna qubeeleen jechoota keessatti ittiin tartiibeffaman yookin tarreeffamaniidha.Qubeessuu keessatti qubeewwan walbira naquu qofa jecha sirrii ta'e barreessuun hindanda'amu. Jecha sirrii ta'e barreessuun sagaleewwan walitti dhufanii jecha hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama qabu uumuu danda'an tartiibessanii kaa'u kan gaafatuudha.Kanaafuu,qubeessuu dandeettii jechoota sirrii ta'an uumuufi

tartiiba qubeewwan sagalee fudhatama qaban bakka bu'uu danda'an maddisiisuun walitti qindeessanii barreessuu kan ilaallatuudha.Faaydaan qubeessuu inni guddaan karaa barreeffamaa walqunnamtii qulqullina qabu akka raawwatu taasisuudha.Qubeessuun hanga hinraawwatamnetti barreeffamni jiraachuun kan hinyaadamneedha. Kanaafuu, qubeessuun bu'uura barreeffamaa ta'uun nifayyada, (Beekan 2015:159-160)

Akkuma yaada kanaa irraa hubatamu, barreeffama tokko keessatti, jechi barreeffamuu barbaadame tokko, qubeessuu sirrii ta'een yemmuu barreeffame qofa, ergaan darbuu barbaadame hanqina tokko malee kan darbuu danda'u. Jechi barreffamuu qabu tokko sirriitti hinqubeeffamne yoo ta'e, ergaa barreeffama tokkoo miidhuu bira darbee, ergicha kallattii biraa qabsiisuu danda'a. Kanaanis walqabatee, dogoggorri qubeessuu, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee kanneen keessatti gama adda addaatiin mul'atee jira. Kanneenis haala armaan gadiitiin xiinxalluun nidanda'ama.

Hanqinoota mul'atan kanneen keessaa inni tokko, sagalee dubbachiisaa tokko iddoo dheerachuu qabutti gabaabsuufi iddoo gabaabbachuu qabutti dheeressuudha. Kanas, haala armaan gadiitin , qaboo yaa'ii waajjiraalee keessaa, fakkeenya adda addaa kaasuun xiinxalluun nidanda'ama.

Lakk.(17) Dhuufani, lafaa, dhabatee,

Jechoonni lakk.(17) keessatti tuqaman kunneen barreeffama qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa kan fudhatamaniidha. Jecha jalqabaa keessatti dubbachiiftuun 'dh'tti aantee dhufte, osoo isheen gabaabduu taatee jirtuu dheeressanii barreessuun jechichi ergaa akka dabarfamuuf barbaadame, dhiisee hiika gara biroo akka qabaatu taasisee jira.

Jecha lammaffaa keessattis kan ta'e kanuma.Dubbachiiftuun 'a'jalqaba irratti 'l'tti aanteedhuftu, dheeressuudhabuun gabaasnii barreessuun hiika yaadame osoo hintaane,hiikni biroo akka uumamu ta'ee jira. Jecha saddaffaa keessattis kan mul'atu dubbachiiftuu 'a' jalqaba irratti dhuftu, dheereessanii barreessuu osoo qabanuu, gabaabsanii barreessuun jechi hiika maleessa ta'ee akka uumamu taasisee jira. Jechi 'dhabatee' jedhu Afaan Oromoo keessatti hiika hinqabu.

Qaboo yaa'ii Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessattis hanqinoonni kallattii kanaan calaqqisan jiru. Kanas, jechi 'demuu' jedhu 'deemuu' jechuuf yaaddamee

,akkasumas ‘maarii’ kan jedhu ‘marii’ jechuuf yaaddamee barreeffamee jira. Haa ta’u malee, isaan barreeffaman kun Afaan Oromoo keessatti hiika maleeyyiidha.Wanti akka hiika hinqabaanne isaan taasise, jecha duraa keessatti dubbachiiftuun ‘e’n dheerachuu osoo qabduu gabaabattee barreeffamuu yoo ta’u. Jecha lammaffaa keessatti immoo, dubbachiiftuun ‘a’n tokkoon barreeffamuu osoo qabduu lama taatee barreeffamuudha.

Qaboo yaa’ii Waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortii keessattis, haalli akkanaa kunniin jira. Jecha ‘fidaa’jedhu agarsiisuuf jechi ‘fidda’ jedhu barreeffamee jira.Jechoonnii kunnin Afaan Oromoo keessatti yaadrimee garagaraa qabu. Jechi kun ergaa qabaachuu qabu dhiisee ergaa gara biraa akka qabaatu kan isa taasise keessaa inni tokko dubbachiiftuun dhuma jechichaa irra jirtu dheerattee taa’uu osoo qabduu, gabaabbachuu isheeti.

Hanqinni mul’atu,kan biroo immoo, dubbifamaan tokko iddoo jabaachuu qabutti jabaachuu dhabuufi iddoo laafuu qabutti laafuu dhabuudha. Kanaaniis walqabatee hir’innigama qaboo yaa’ii waajjiraalee kanneen keessatti bal’inaan mul’atee jira. Hanqinoonnikunniinis jechoota qaboo yaa’ii waajjiraalee keessaa akka fakkeenyaattikallattiin fudhatamaniin karaalee armaan gadiitiin xiinxalamanii jiru.

Qaboo yaa’ii Waajjira Barnootaa keessatti jechi ‘ajjeesan’ jedhu ‘ajeessan’ jedhamee qubeeffamee jira.Iddoo kanatti dubbifamaan ’j’n jabaatee ‘s’n immoo laafee bareeffamuu osoo qabuu, isa jabaachuu qabu laaffisaniifi isa laafuu qabu jabeessuun barreessuun jechi jedhamuu barbaadame hafee,jechi hiika biroo qabu akka uumamu ta’ee jira. Jecha ‘kurmaana’ jedhu barreessuuf yaadamee ‘kurmaannaa’ jechuun barreeffamee jira. Jechi kun Afaan Oromoo keessatti hiika maleessa. Akka hiika hinqabaanne dhimmoota isa taasisan keessaa inni tokko qubeen ‘n’ laafee barreeffamuu osoo qabuu jabaatee barreeffamuu isaati.

Qaboo yaa’ii, Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessattis, jechoonni dubbifamaan isaanii iddoo jabaachuu hinqabnetti jabaateefi iddoo laafuu hinqabnetti laafee barreeffamuu irraa kan ka’e, hiika gara biroo qabaatan, yookaan immoo, hiika maleessa ta’an jiru. Fakkeenyaaf jechi ‘maddalli’ jedhu Afaan Oromoo keessatti hiika hinqabu. Barreessaan qaboo yaa’ii waajjira kanaa jecha ‘madaallii’ jedhu barreessuu

barbaadeeti. Haa ta'umalee 'd' iddoo jabaachuu hinqabnetti jabaachuun isaa rakkina dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuu dhabuutiin walitti dabalamee jecha kana hiika akka hinqabaanne isa taasisee jira. Jechi 'arganee' jedhus'argannee' jechuuf yaaddamee barreeffamee jira. Haa ta'u malee 'n' iddoo jabaachuu qabutti osoo hinjabaatin hafuun jechi kun akka hiika dhabeessa ta'u godhee jira.

Qaboo yaa'ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa keessatis jechoonni dubbifamaan isaanii iddoo jabaachuu qabutti tokko ta'ee barreeffamuu irraa kan ka'e,hiika maleeyyii ta'an nijiru. Fakkeenyaaf, 'iraa ' ,'kesaa' ,'raawii','manii'fi kanneen biroo kan qaboo yaa'ii kana keessa jiran yoo fudhanne jecha duraa keessatti 'r'n jecha lammaaffaa keessatti immoo 's'n jecha sadaffaa keessatti 'w'nfi jecha dhumaa keessatti 'n'n jabaatanii barreeffamuu osoo qabanuu, qubee tokkoon qofa barreeffamuun isaanii dhimmoota jechoonni kun akka isaan hiika hinqabaanne taasisaniidha.

Qaboo yaa'ii Waajjira Siivil Saarvisiifi Bulchiinsa Gaarii keessattis qubee iddoo jabaachuu qabutti jabeessuu dhabuun baay'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, jecha 'waakkatee' jedhu barreessuuf 'waakatee' jedhamee barreeffamee jira. As keessatti, jechi barreeffame kun, hiika maleessa kan isa taasisejabaatee barreeffamuu dhabuu qubee 'k'ti.Gama birootiin qubeen tokko iddoo laafuu qabutti jabeessanii barreessuunis qaboo yaa'ii waajjira kanaa keessatti mul'atee jira. Fakkeenyaaf 'mallee' kan jedhu qubee 'l' jabaatee waan barreeffameef jechi kun akka hiika biroo qabaatu ta'ee jira.

Walumaagalatti, akkuma galmee qaboo yaa'ii waajjiraalee adda addaa irraa haala armaan olitti dhiyaateen xiinxallametti,hanqinni qubeessuu barreeffama qaboo yaa'ii waajjiraalee hundumaa keessatti bal'innaan mul'ateera. Hanqinni kunis, dubbachiistuu iddoo malee dheeressuu ykn gabaabsuu, dubbifamaa iddoo malee jabeessuu ykn laaffisuu, yookiin immoo, lamaanuu kan ofkeessatti hammateedha. Dogoggorri haala kanaan barreeffama keessatti mul'atu, dubbisaan dubbisa akka hinhubanne taasisuu bira darbee ,ergaa barreeffamichaa kallattii biroo qabsiisa. Kanas, ibsuuf qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa akka fakkeenyaatti yaadni armaan gadii fudhatamee jira."B/sota jijjiiraan Godinaa fi Aanaa irraa dhuufani guyyaa Hara'aa akka iddoo isaani kenname Mgt murta'e jira." Yaadni kun,'barsiisota jijjiirraan Godinaaleefi Aanaa irraa dhufan,guyyaa har'aa akka iddoon isaanii kenname mgt murtaa'ee jira' jechuuf

yaadameeti.Garuu,dubbachiistuu garmalee dheeressuun ,akka hiika biroo qabaatu taasisee jira. Dubbifamaa iddoo jabaachuu qabutti jabeessuu dhabuufi hudhaa iddoo maleetti gargaaramuunis,yaada kana dubbisanii akka hinhubanne taasisanii jiru. Hanqinni haala kanaan mul'atu kun, Afaan Oromoo barreessuu keessatti , bal'inaan akka jiru Abarrafi Fedhaan(1996:89)ibsanii jiru.Seerota dhamsagoota afaanichaa beekuu dhabuunis hanqina akkanaatiif akka nama saaxilu hayyootni kunniin osoo hineerin bira hintarre.

Dheerachuufi gabaabachuu dhamsagootaa qofa osoo hintaane jabaachuufi laafuunis barruu

tokko keessatti seera afaanichaa eegee taa'uu qaba. Kana ilaalchisuun,Tolomaariyaam(2 011:24),dubbifamtoota jabeessuu ilaalchisee akkana jedha." Afaan Oromoo keessatti dubbifamtootni lamaa ol ta'anii walitti aananii dhufuu nidanda'u, yoo gosa tokko ta'an." Yaada kanaafis, fakkeenya yoo kennu jecha 'cabse' jedhu 'cabsse'jennee barreessuu akka dandeenyu dhiyeessa. Barreeffamoota qaboo yaa'ii armaan olitti xiinxallaman keessattis, haala kanaan, dubbifamoota gosa tokkoo lama osoo hinjabaatin walitti aansuun fiduun mul'ateejira. Fakkeenya: 'dhabbee'kan jedhu 'dhabe' jechuuf yaadamee taa'eera.Haa ta'u malee, akka yaada qoratichaatti dubbifamootni walitti aananii dhufuu kan danda'an yeroo jabaatan qofaadha.Haala olitti dhiyaate kanaan fayyadamuun immoo, tokkoffaa, seera qindeeffama dhamsagoota Afaan Oromoo keessatti kan baratamee miti.Fakkeenyaaf, kanaan dura barreeffamoota adda addaa Afaan Oromootiin maxxanfaman kanneen akka kitaabilee barataa ,barruulee adda addaa, asoosamoota adda addaa, gaazexootaafi kkf keessatti kan dhimma itti bahamee miti. Lammaffaa,caasaan birsaga Afaan Oromoo iddoo dhamsagni laafuu qabutti jabeessanii barreessuu waan hinkeessummeessineef, haala kanaan barreessuun fudhatama hinqabu.

4.1.1.1.3 Qaacceessa caasaa Dhamjechaafi Filannoo Jechootaa

Fayyadama Dhamjechaa

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kan hiikaafi tajaajila caasluga tokkootiif dhaabbateedha. Dhamjechi ofdanda'aa yookaan hirkataa ta'ee dhaabbachuu danda'a. Afaan Oromoo keessatti akkuma dhamjechi hirkataan jiru,ofdanda'aniis jira(Addunyaa 2011). Kana irraa wanti hubannu barreeffama keessatti akkuma dhamjechoonni of danda'anii dhaabbatan jiran,kanneen hirkatanii barreeffamanis jiraachuu isaaniiti.

Kanaanis walqabatee, qaboo yaa'ii waajjiraalee qorataan irratti xiyyeeffate keessatti, gama itti fayyadama caasaa dhamjechaatiin, hir'inoonni mul'atan nijiru. Hir'inoota mul'ataan keessaa, kanneen armaan gadii akka fakkeenyatti fudhatamanii jiru.

Lakk. (18)

a. *Jijjiiraan Godinaa fi Aanaa* (qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessaa kan fudhatame)
b. *Abdoo, fooziyyaa fi Qaasim* (qaboo yaa'ii Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa keessaa kan fudhatame).
c. *Dhaabbilee fi jarmiyaalee* (qaboo yaa'ii Waajjira Bulchiinsa Magaalaakeessaa kan fudhatame)

Himoota lakk.(18) jalatti tuqaman kanneeniifi kan kanneen fakkaatan keessatti walqabsiiftuu 'fi ' kophaatti siissuun barreessuun mul'atee jira. Walqabsiisftuun kun jecha isa dura jirutti maxxanee barreeffamuu qaba. Kanaafuu hima jalqabaa irratti jecha 'Godina'jedhuttii siiquun 'Godinaafi' jedhamee barreeffamuu qaba ture. Hima lammaffaa keessattis maqaa' Fooziyaa 'jedhutti siiquun 'Fooziyaafi'jedhamee barreeffamuu qaba ture. Hima sadaffaa keessattis jecha ' Dhaabbilee 'jedhutti siiqee 'dhaabbileefi' jedhamee barreeffamuu qaba ture.

Gama biraatiin dhamjechoota eeyyantaafi hi 'eeyyantaa agarsiisuuf galan 'hin'fi 'ni ' kophaatti siissanii barreessuunis akka hanqinaatti kan ilaallamuudha. Kanas, fakkeenyoota armaan gadii kanneen qaboo yaa'ii waajjiraalee keessaa kallattiin fudhataman keessaa xiinxaluun nidanda'ama.

Lakk.(19)

a. *hin jiru,hin dandeenye ,hin beekne,* (qaboo yaa'ii Waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsa Gaarii keessaa kan fudhatame)
b. *ni jira, ni foya'a* , (qaboo yaa'ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa keessaa kan fudhatame)

Haalli dhamjechoonni lakk.(19) jalatti fakkeenyota fudhataman kanneeniifi guutummaa qaboo yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanii keessatti ittiin taa'an kun hir'ina qaba.

Dhamjechoonni kunneenis hiikni isaanii ifatti bahee akka mul'atu,jecha isaan booda dhufutti siiqanii barreeffamuun 'hinjiru', 'hindandeenye', 'hinbeekne', 'nijira', 'nifooyya'a', karaa jedhuun jecha booddee isaanitti aanee dhufutti siiquun barreeffama keessa taa'uu qabu.

Kana malees gochimni hirkataan 'dha' n jecha isa dura jirutti siiqee barreeffamuu dhabuun mul'atee jira.Kanas, fakkeenyota armaan gadii keessatti xiinxaluun nidanda'ama.

Lakk.(20)

Rakkoo dha. (qaboo yaa'ii Waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsa Gaariikeessaa kan fudhatame)

a. *Hojii dha.* (qaboo yaa'ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaakeessaa kan fudhatame)

Dhamjechi 'dha'n dhamjecha hirkataadha.Kanaafuu jecha isa dura jirutti siiqee barreeffamuu qaba.

Qaboo yaa'ii waajjiraalee maqaan isaanii armaan olitti tuqameefi kanneen biroo kan qorataan irratti xiyyeeffate keessatti akka mul'atutti dhamjechoonni hirkatoon kanneen akka 'hin','ni' fi 'dha' jechatti maxxananii barreeffamuu osoo qabanuu, irraa butamanii barreeffamanii jiru. Adeemsi kun garuu, haala caasaa Afaan Oromootiin kennataa miti. Caasaa Afaan Oromootiin dhamjechoonni ofdanda'anii hindhaabbanne hirkatoodha.Kanaaf, qaama jechaatti gara duraatiin yookaan gara boodaatiin maxxananii dhufuun tajaajila caaslugaa adda addaatiif oolu, yookaan immoo, hiika jijjiiru malee kophaa isaanii hindhaabbatan(Addunyaa,2011:13,Askale 1987 :335)

Kanaafuu 'dha'fi 'fi' n jecha isaan dura jirutti,'hin'fi 'ni'n immoo jecha isaan booda dhufutti siiqanii barreeffamuu osoo qabanuu, irraa siiksuun (butuun) kophaa isaanii barreessuun, qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessatti, dhimma akka hanqinaatti ilaalameedha. Maddi hanqinoota haala kanaan calaqqisanii immoo,amala dhamjechoota hirkatoo irratti hubannoo dhabuu irraa madda. Kun immoo, barruu qaboo yaa'ii sana

fudhatamummaa dubbifamummaa dhabamsiisuu bira darbee waaltina afaan barreeffamaa dhaabaa dhabsiisa. Seera afaanichaa keessattis kan hineeyyamamneedha.

B.Fayyadama Caasaa Jechaafi Filannoo Jechootaa

Akkuma caasaa dhamjechaafi qubeessuu keessatti rakkoonmul'atetti qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessatti filannoo jechootaa, qindoomina isaaniitiifi qusatamummaa isaaniitirrattis rakkoon mul'atee jira. Kunis, fakkeenya qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessaa fudhachuun haala armaan gadiitiin xiinxallamee jira.

Qaboo yaa'ii Waajjira Barnootaa keessatti jechoonni haalli ittiin qindaa'aniin karaa iftoomina qabuunii miti. Kanas,fakkeenya armaan gadii irraa xiinxalluun nidanda'ama.

Fkn(21). Keessattuu B/sota daree 1-4 fi zeeroo (BID) ramadamanii ciccimoo ramadamanii fedhii isaanii ilaalamee koree deemee ilaalee ….

Yaadni lakk.(21) keessatti tuqame kun karaa nama hawatuun hinqindoofne. Irra deddeebiin jechootaa nimul'ata.Fakkeenyaaf, jechi 'ramadamanii' jedhu si'a lama irra deebi'amee jira.Walduraa duubni taa'umsa isaaniitis seera afaanichaa kan hordofee miti.Guutummaa barruu qaboo yaa'ii kanaa keessatti rakkoon haala kanaa heddutu calaqqisa.Kun immoo, yaadota qindeessuu irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu isaat agarsiisa.

Qaboo Yaa'ii Waajjira Af-yaa'iittis, haalli jechoonni hima keessatti ittiin hiriiran, karaa qindoomina afaanii eeggateen ta'uu dhabuun nimul'ata.Walsimaannan lakkoofsa matimaafi gochimaa waldida.Kanas,fakkeenya armaan gadii fudhachuun xiinxaluun nidanda'ama.

Lakk.(22)… gabaasni yeroodhan akka qophaa'u ibsanii jirra.

Caasaa kuthimaa lakk.(22) kana keessaa qaama irraa citee hafe irraa akka hubatamuutti,matimni hima kanaa 'nuti' kan jedhuudha. Gochimni muummee hima kana keessatti raawwii raawwate mul'isu 'ibsanii' kan jedhu, ramaddiin matima himichaatin tokkoo miti. Matimichi ramaddii tokkoffaa danuu kan agarsiisu yemmuu ta'u, gochimni immoo, ramaddii lammaffaa danuu agarsiisa. Kanaafuu, haalli caasaaleen kunniin himicha keessatti itti qinda'aan, karaa walsimannaa hinqabneen waan ta'eef, ergaan himiichaa ifaa miti.Yaada kana irraa dubbisaan ergaa qulqulluu ta'e tokko argachuuf

nirakkata.Murtii kanas kan murteesse qaama kam akka ta'e ifatti hinhubatu. Yaadichi iftoomina hinqabu. Caasaan kun, walsimannaa waan hinqabneef, yaada carii ta'e, dubbisaan, rakkoo tokko malee akka argatu, kan godhuu miti. Akka walsimannaa qabaatuuf 'gabaasni yeroodhaan akka qophaa'u murteessinee jirra'jedhamee barreeffamuu qaba ture.

Lakk. (23)*.... Mannii Barumsa Qophaa'ina Adaabbaa xalayaa guyyaa kana barreessaniin.*

Caasaan lakk.(23) jalaa kun,qaboo yaa'ii Bulchiinsa Magaalaa Adaabbaa keessaa kan fudhatameedha. Akkuma caasaa kanaan dura ilaalleetti,caasaan kunis,hanqina walsimannat of keessaa qaba.Matimni,'Manni Barumsa Qophaa'inaa Adaabbaa'jedhu qeenxeedha. Gochimni 'barreessaanii'jedhu immoo, danuudha. Lamaan isaanii waliin hindeeman. Kanaafuu, karaan ergichi ittiin darbeen karaa walsimannaa qabuunii miti. Ergaan kun, karaa ifa ta'een dubbiisaa bira akka gahuuf 'Manni Barumsa Qophaa'ina Adaabbaa xalayaa guyyaa kana nuuf barreesseen' jedhamee barreeffamuu qaba ture. Adeemsi inni armaan olitti ittiin barreeffame kun garuu, karaa seerluga afaanichaa eegeen waan hintaaneef, kuni, ergaa akka darbu barbaadame, karaa qulqullina qabuun, akka hindarbineef gufuu ta'uu danda'a.

Qaboo yaa'ii Waajjiraa Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa xiinxalame keessattis haalli jechoonni ittiin qindaa'aniin, kan nama hawatuu miti. Fakkeenyoonni armaan gadiis kanuma mirkaneessu.

Lakk(24)…Akka qabiinsa Ragaa keenya sirrii akka hin taane ilaala jira.Haalli jechoonni kutima lakk.(24) keessatti ittiin qindaa'aniin karaa ergaa ifa ta'e dabrsaniin miti. Akkaataa qabiinsa ragaa kan ilaalaa jiru matima 'nuti' jedhu ta'ee, nama biroo ta'ee, ifaa miti. Caasaan kun rakkoo qubeessuu, qubgudeessaafi sirna tuqaalees ofkeessaa waan qabuuf, caasiicha dubbisanii hiika irraa argachuuf nama rakkisa.

Lakk.(25). Hala qabbisa raga walqaabata hin jiru gaarii hin ture.

Caasaan lakk.(25) kunis, hiika ifa ta'e, kan dubbisaan rakkoo tokko malee hubachuu danda'u, ofkeessaa hinqabu. Caasichi haala walsimannaa qabuun walitti qindaa'uu

dhabuu ,sirna tuqaaleetti dhimma bahuu dhabuu, seeraan qubeeffamuu dhabuufi irradeddeebiin yaadaa keessatti mul'achuu, kana biraas darbee, akkaatan dhamjechoonni hirkatoon itti barreeffaman sirrii waan hintaaneef dubbisanii hubachuuf nama rakkisa. Maddi rakkoo kanaa akkaataa yaanni itti qindaa'u irratti gahumsa dhabuufi itti fayyadama caasaa afaan barreeffamaa irratti beekumsa dhabuudha.

Qaboo yaa'ii Waajjira Daldaalaafi Misooma Gabaa keessatti guyyaa 24.03.07.barreeffames hanqinoota walsimannaa ofkeessaa qaba. Kanas fakkeenyoota armaan gadii kanneen qaboo yaa'ichaa keessaa fudhatamaniin xiinxaluun nidanda'ama.

Lakk.(26)

a. *… meeshaalee yeroon isaa irra darbe ….*
b. *... baay'inni isaa……*
c. *….kanneen yeroon isaa….*

Akka fakkeenyota lakk.(26) jalatti argaman kanneen irraa hubannutti,walfaanommiin walsimannaa hinqabne caasaalee armaan olii keessatti nimul'ata.Fakkeenyaaf, jechi 'meeshaalee'jedhu, lakkofsaan danuu waan ta'eef, bamaqaa qeenxee 'isaa' jedhu waliin wal hinsimu. Caasaa itti aanee jiru keessattis jechi'baay'inni' jedhu,lakkofsaan danuu ta'ee osoo jiruu,bamaqaa qeenxee 'isaa' jedhuun ibsamuun seera afaanichaa nifaallessa. Bamaqaan akeektuu 'kanneen 'jedhus danooma waan agarsiisuuf ,bamaqaa 'isaa' jedhu, kan lakkofsa qeenxee agarsiisu waliin hiriiruun isaa seera afaanichaa kan jiddu galeeffatee miti. Kanaafuu, haala kanaan qaboon yaa'ii waajjira kanaa caasaalee wal simannaa hin qabneen guutamuun isaa ergaa qaboo yaa'ii kana keessa jiru dubbisaan akka hinhubanne taasisa.Fudhatamuumma isaas nihir'isa.

Lakk(27). *Akkaatama armaan olitti tuqaamuuf yaalamanitti qoqodin gandoota akkaata kanaan kan kenname yoo ta'u guyyaa bobbaatti Gaafa guyyaa 30 ji'a jecha hanga guyyaa 09,07,2007'tti kan turamu ta'uufi kan kanaa irraa hafee hojjataan gara waajjiraatti kan deebi'uu ….*

Caasaan lakk.(27) keessa jiru kun qaboo yaa'ii Waajjira Dhimma Dubartootaatiifi Mirga Daa'immanii keessaa kan fudhatameedha. Caasichi, hanqinoota sirna tuuqaalee qaba.kana irraa kan ka'e, iddoon isa daangaa daangaan adda qoodanii ergaa irraa dhandhamatan adda bahee hinteenne. Gama birootiin immoo, haalli jechoonni ittiin

qubeeffamanis hanqina isa birooti. Jechoonni ‘qoqodin’, ‘akkaata’ fi ‘bobbaati’ jedhaman kanneen karaa dogoggora ta’een qubeeffamaniidha. Dogoggorri kunimmoo, afaanicha keessatti hiika yaadrimee isaan bakka bu’u akka hinqabaanne isaan taasisee jira. Fakkeenyaaf, hiikni jecha ‘bobbaati’ jedhuu ifa miti. Kanamalees, akkaataan jechoonni caasaa kana keessa jiran ergaa dabarsuuf walfaana ittiin hiriiran karaa seera afaanichaa eegeenii miti.Fakkeenyaaf, ‘guyyaa bobbaatti Gaafa guyyaa 30 ji’a jecha hanga guyyaa 09/07/2007….’jedhamee akkaataan ittiin qindaa’een karaa hubachuuf nama rakkisuun.Qindoomina kana keessatti seerri afaanii hin eeggamne.

Rakkooleen irra keessatti ka’an,walitti dabalamanii,caasicha dimimmisaayaa taasisanii jiru. Kanaafuu, namni qaboo yaa’ii kana dubbisee murtee darbe yookaan immoo dhimma irratti walii galame karaa ifa ta’een hubatee hojii irra oolchuuf nirakkata. Bu’aa qaboon yaa’ii kun gara fuula duraatti kennuufis (fkn ragaa seeraatiif yeroo barbaadametti bu’aa kennuu) karaa qulqullina qabuun ooluuf hindanda’u. Walumaagalatti, qaboon yaa’ii kun iftoomina waan hinqabneef, dubbisanii hubachuuf rakkisaadha Iftoomina dhabuun kun immoo, fudhatamummaafi dubbifamummaa isaat hir’isa.

Qaboo Yaa’ii Waajjira Aadaafi Tuurizimiitti guyyaan itti qophaa’ee osoo hintuqamiin qophaa’eellee rakkoo walsimannaa jechootaafi rakkoo qindoomina jechootaattu keessatti mul’ata.Kanaafis, fakkeenyi qaboo yaa’ichaa keessaa fudhatamee armaan gaditti dhihaate qabata nita’a.

Lakk.(28)…*odeeffannoowwan jiran hundi kallattii qabataniin dhimma barbaachisuuf dhimmoota hinbarbaachifne hunda yeroo isaa eeguudhan qaama dhimmi ilaaluuf kan gahaa jiru ta;uu isaati.*

Rakkinni walsimannaa jechoota barreeffamicha lakk(28) keessatti tarree galanii hiriiranii gidduutti mul’atee jira, ‘Dhimma barbaachisuufi dhimmoota hinbarbaachifne hunda’ kan jedhu bamaqaa danuu ‘isaanii’ jedhuunosoo iddoo bu’uu qabanuu bamaqaa qeenxee ‘isa’ jedhuun bakka bu’anii jiru. Kunis, walta’umsa barruu kanaa nihir’isa. Dubbistootni qaboo yaa’ii kana dubbisanii ergaa irraa hubachuuf mijataa hinta’u.

Qaboo yaa’ii Waajjira Barnoota Teeknikaafi Ogummaa keessatti, akkaataan jechootni itti hiriiran, walsimannaan isaaniitiifi daangaan isaan yaada handhuura ta’e tokko dabarsuuf qaban hinmul’atu.Yaadni ciccitee, ciccitee taa’e malee karaa walqabatiinsa qabuun

walitti hinqindoofne.Fakkeenyi armaan gaditti barreffamicha keessaa fudhatames kanuma mirkaneessa.

Lakk.(29)

a. *kutaa keenaa leenjii Addee Zawditu karoora wagaa kurmaanaa fi ji'aa akasumas kan torbee fi guyyaa ilaalu*
b. *hojiilee waajiraa adda addaa hojachaa ture jiraadheef karoora dhunfaa kiya xumurachuu hin dandene*

Lakk.(29) kana keessattia akkaataa qindoomina jechoota hima jalqaba irra jiranitti kan ilaalamu kutaa kennaa leenjii ta'ee, Aadde Zawudituu taatee karoora waggaa, kurmaanaa, torbeefi ji'aata'ee wanti fuulcha laatu hinjiru. Jechootni karaa ergaa carii ta'e dabarsuu danda'aniin walduukaa hinhiriirre.

Haaluma kanaan, guutummaa barruu qaboo yaa'ii kana keessatti karaaleen jechootni ittiin qindaa'anii caasaa isaan irra bal'aa ta'e, kan akka gaaleefi himaa akkasumas keeyyataa ittiin ijaaran kan seera afaanichaa eeggatee miti. Kun immoo,ergaa qaboo yaa'ii kanaan darbu dubbisanii hubachuuf gufuu ta'a.

Haalli qaboon yaa'ii waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortii kan guyyaa 14,01,07 barreeffame itti qindaa'ees karaa irra deddeebii yaadaa agarsiisuuni. Kanas ifa gochuuf yaadotni armaan gadii barreeffamicha keessaa fudhatamanii dhihaatanii jiru.

Lakk.(30)

a. *Hojiilee hojjennu hunda akkaataa Qajellfama hogganamuun ….*
b. *Hojiile Hojanu huunda akkata qajeelfamaatiin hojjennee*
c. *Hojiile hojanu karaa ifaa fi bilisa ta'een Qofa hojachu*
d. *Hojiile hojanu iftoominaan*
e. *Ragaa hunda akka waajira jiran waljijjiira haala qabatama ta'een hojjechuu*

Lakkoofsa(30) jalatti kanneen hiriiran keessatti irra deddeebiin yaadaa kan jechoota yookiin gaalewwan hiika walfakkaatan irraa maddee nimul'ata. Akkaataa qajeelfamaatiin hojjechuufi qajeelfamaan hogganamuun ergaa walfakkaataa ta'e, kan hiikni walgitu, ofkeessaa qabu. Akkasumas, ifaafi bilisa, iftoomina, ragaa hunda waljijjiiruu kanneen jedhanis ergaa walfakkaatu ofkeessaa qabu.Gaaleen 'hojiilee hojjannu hunda' jedhus karaa hifachiisaafi nuffisiisaa ta'een irra deddeebi'ame barreeffamee jira.Isaan kunniin haala

kanaan barreeffamicha keessa jiraachuun isaanii barreeffamichi irra deddeebii yaadaatiin akka guutamu godhanii jiru. Irra deddeebiin haala kanaan mul'atu kun immoo, miidhagina barreeffama kanaa hir'isee jira. Barreeffamni karaa miidhaagina qabuun hinqindoofne immoo, fedhii dubbisuu dubbistoota keessatti waan hinuumneef, fudhatamummaa dhaba.Ergaan isaan darbus dubbistoota bira gahuuf karaa dhaba.Maddi rakkoo kanaa immoo,yaada qindeessuun karaa irra deddeebiifi harcaatii hinqabneen dubbistoota dhaqqabsiisuu irratti muuxannoo shaakalaan gabbate dhabuudha. Dabalatanis ariitiin barreessuuniifi barreeffama barreeffame tokkos keessa deebi'uun gulaaluu dhabuun rakkoo akkanaatiif dhimmoota karaa saaqaniidha.

Qaboon yaa'ii waajjira Siivil Sarvisiifi Bulchiinsa Gaariitti guyyaa 22,01,07 qophaa'e gabaajeewwan akka HMB, DAI, BIS, QPBG waan ofkeessaa qabuuf , dubbistoota waa'ee dhimma kanaa hinbeekneef dubbisanii ergaa guutuu ta'e argachuuf gufuu ta'a. Jechootni akka 'riiformii', 'chaartarii'fi kan kana fakkaatan osoo ibsi irratti hinlaatamin waan afaan birootirraa fudhatamaniibarreeffamicha keessatti dhimma itti bahamaniif namoonni waa'ee jechoota kanaa hinbeekne ergaa barreeffamichaa dubbisanii hubachuuf nirakkatu.

Akkuma armaan olitti qaboo yaa'ii waajjiraalee qorataan irratti xiyyeeffate irraa hubatamutti rakkoowwan jechoota qindeessuun ergaa filatamoofi qindoomina qabu tokko dabarsuu dhabuu waajjiraalee hunda keessatti mul'atee jira.Qindoominaafi iftoomina qabaachuun immoo amaloota qaboon yaa'iitokko qabaachuu qabuudha. (**አለም እሸ·ቱ** 1997:123)Amalootni kunniin akka qaboo yaa'ii tokko keessatti argaman filannoofi qindoominni jechootaa bu'uura. Qaboonyaa'ii haala kanaan qopheeffamu dubbifamummaafi fudhatamummaan isaa kan dabalu yemmuu ta'u,qindoomina dhabuun jechootaafi dhamjechootaa immoo fudhatamummaafi dhugummaa qaboo yaa'ichaati hir'isa.Rakkoon haala kanaan waajjiraalee keessatti mul'atu ariitiin barreessuufi yaadota qindeeffachuu irratti ga'umsa dhabuu irraa madda.

Walumaagalatti, qaboowwan yaa'ii qorataan irratti xiyyeeffataman gama itti fayyadama afaaniitiin hanqinoota heddu qabu. Qaboo yaa'ii waajjiraalee kanneen keessatti, sirni tuqaaleefi qubguddeessi, karaa seerri afaanii eeyyamuun, hojii irra hinoolle. Kunis,ergaa barreeffamoota kana keessa jiru qulqulinaan dubbisaan akka hinhubanne nitaasisa. Akkaatan jechoonni ittiin qubeeffamaniinis hanqina isa biroo kan qaboowwan yaa'ii

waajjiraalee kanneenii keessa jiruti. Jechoonni seeraan qubeeffamuu dhabuu irraa kan ka'e hiika maleeyyii ta'anii yookiin immoo, ergaa akka dabarsan barbaadamu dhiisanii ergaa gara biroo akka qabaatan ta'anii jiru. Gama birootiin immoo, haalli jechoonniifi dhamjechoonni ittiin qindaayaniifi jechoonni ittiin filataman hanqina waan qabuuf, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessatti, rakkoon qindoomina dhabuu, iftoomina dhabuufi qusatamummaa jechootaa dhabuu mul'atee jira. Maddi rakkoo kanneeniis itti fayyadama afaan barreeffamaa irratti ga'umsa dhabuufi ariitiin barreessuudha.

4.1.1.2. Iftoomina

Amaloota qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu keessaa inni tokko iftoomina qabaachuu isaati**.**Ifa haata'u yemmuu jedhamus karaa miseensonni yaa'ii sanarratti hinargamin dubbisani hubachuu danda'aniin taa'uu qaba jechuudha. Kanamalees,jechoonni walitti qindaa'uun seera afaanii eeganii ergaa dabarsan san walirraa fuudhuun yemmuu dabarsan qaboon yaa'ii sun iftoomina qaba jedhama.

Kanaan wal qabatee, qaboowwan yaa'ii waajjiraalee qorataan xiinxallaman yemmuu ilaallaman hanqina iftoominaattu irraa calaqqisa. Kunis akka irra keessatti qulqullinaan itti fayyadanma afaanii keessatti xiinxallame jechoonni seeraan qubeeffamuu dhabuu, sirni tuqaaleefi qubguddeessi karaa seerri afaanii eeyyamuun hojiirra ooluu dhabuu, hanqinni qindoomina jechootaafi dhamjechootaa jiraachuun iftoomina dhabuu qaboowwan yaa'ii kanaaf qabata tokkoodha. Dhimmoonni kunniin dubbisaan ergaa qaboo yaa'ii kana dubbisee taateewwan raawwataman qulqullinaan irraa hubachuuf ijaa rakkatuuf, hanqinni iftoominaa qaboowwan yaa'ii kanarraa nicalaqqisa**.**Gama birootiin immoo yeroon walgahiin idilee itti gaggeeffamu ifatti taa'uu dhabuun itoomina dhabuu qaboo yaa'iichaatif qabata biroo ta'uu nidanda'a.

4.1.1.3Qindoomina

Qaboon yaa'ii tokko, yaada cuunfamee murtaa'e tokko karaa tartiiba qabuun qindeessee dhiheessuu qaba. Qaboon yaa'ii qindoomina qabu, wantoota wal gahicha irratti jalqabaa hamma dhumaatti raawwataman tartiiba isaanii eeguun dhiheessa**.**Yaada xumuraa irra

gahameefi murtii godhames ifa godheet mul'isa.Qaboon yaa'ii haala kanaan barreeffame tokkos, wal gahicha irratti yaadota akkamiittu ka'an? Adeemsi walgahichaa maal fakkata ture?Wal gahiinis akkamitti xumurame?Gaaffilee jedhaman dubbisaa keessatti hinuumu.(Gartside,1981)

Kanaanis walqabatee qaboowwan yaa'ii waajjiraalee mootummaa qorataan xiinxallamanii keessatti hanqinni qindoominaa nimul'ata.Kunis, akkaataa yaadni ittiin wal qabateen, wal simannaan yaadotaa, haalli murtiiwwaniifi yaadonni marii itti taa'aniifi kan kana fakkaatan hanqina qindoominaattu keesatti mul'ata. Daangaan yaada tokkoos ta'ee daangaan hima tokkoo bifa dubbisaan salphaatti hubachuu danda'uun haalli ittiin hinteenne iddoowwan hedduutti nimul'atu.Duraa duubummaafi irraa jalummaan yaadotaa akkasumas wal qabatiinsi isaanii, qusannaafi filannoon jechootaafi tartiibni yaadni ittiin taa'es karaa qindoomina qabuun jechuuf, hanqinni qulqullinaan itti fayyadama afaanii jalatti xiinxallaman nu daangessu.

Gara birootiin immoo, taateewwan raawwataman dura akkana ta'ee, itti aansee immoo akkana ta'ee… dhumarratti immoo akkana ta'ee waltajjichi xumurame bifa jedhuun kan ibsaman waan hintaaneef kunis qaboon yaa'ii waajjiraalee kanaa qindoomina tartiibaa karaa qabuun taa'eera jechuuf nama rakkisa.

4.1.1.4. Dhugummaa

Akka Gartside (1981) jedhutti qaboon yaa'ii tokko dhugummaas qabaachuu qaba.Qabxiileen isa keesatti hammataman kanneen sirriifi dhugaa ta'an qofaadha. Qaboo yaa'ii tokko keessatti yaadni miseensonni yaa'ichaa itti walii galan qofti yoo hammatame qaboon yaa'ii sun dhugummaa qaba jechuun kaasuun nidanda'ama. Gama birootiin immoo, qaboo yaa'ii tokko keessatti yaadni miseensonni yaa'ichaa itti walii hingalin yoo hammatame dhuga qabeessummaafi fudhatamummaa qaboo yaa'ii sanaa baay'isee gadi buusa waan ta'eef, dhugummaa qaboo yaa'iitiif duursi nikennama.

Egaa qaboon yaa'ii dhugaawwan qabatamoofi qindaawoo ta'anitti gargaaramuun tooftaa gaaffii bu'uura ta'e tokkoof deebiin ittiin kennamuuni yookin tooftaa ragaan murteessaan

ittiin dhihaatuuni.Kanaanis wal qabatee, qaboowwan yaa'ii irratti xiyyeeffate, qorataan haala arman gadiitiin xiinxallee jira.

Qaboowwan yaa'ii waajjiraalee kanneenii keessa dhimmoonni irratti mari'ataman, hunduma isaanii keessattis ta'uu baatu yeroo wal gahiin itti geggeeffame niqabu. Kana malees, maqaan dhaabbatichaa, maqaan namoota wal gahii irratti hirmaatanii , ajaandaan mariifi murteen darbe nijira. Qabiyyeen ajandaa marii qaboowwan yaa'ii kanneenii wajjira keessatti mar'iatameen wal bira qabamee yemmuu ilaallamu dhimmuma ergama waajjirichaa waliin deemutu irratti mari'atame. Kanas ifa gochuuf fakkeenyaaf waajjira Barnootaa keessatti qaboon yaa'ii xiinxallame waa'ee ramaddii barsiisotaa, waa'ee gamaaggama hojii ogeeyyii barnootaa kanneen akka Dura bu'ootaafi Suuppervayzarootaa of keessaa qaba. Kunis yeroon qaboon yaa'ii kun itti qindaa'e Fulbaana ta'uun isaa, dhimmichi immoo ramaddii barsiisotaatiin wal qabachuun isaa ragaan qindaa'e qabatuma tokko irrati hundaa'ee kan qindaa'e ta'uu mul'isa. Qaboon yaa'ii Mana Mariis dhimma nageenyaafi dhimma kabaja Ayyaana Alaabaatiin wal qabate of keesssaa qaba. Kunis qabata yerootiifi (kabajni Ayyaana Alaabaa Fulbaana ta'uu) kan qabiyyeetiinis homa waajjira kanatti irratti mari'atamuu qabutu irratti mari'atame waan ta'eef kunis hamma tokko dhugummaan qaboo yaa'ii kana keessa jiraachuu namatti agarsiisa.

Haalli qabiyyee qaboo yaa'ii waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortii, waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaafi kan kaawwaniis qabiyyeen ajandaa qaboo isaanii hojmaata waajjira qaboon yaa'ichaa keessatti qabameen wal fakkaataafi wal simataadha. Kun egaa yaadni irratti mari'atame tokko jiraachuu ragaa nibaha.Kana malees qabiyyeewwan qaboo yaa'ii kanneen keessatti yaadonni mormii ajandichaatiin wal qabatan jiraachuu dhabuun, mallattoon jiraachuun, sagalee tokkoon walii galuun isaanii tuqamee ibsamuun, murteen darbeefi dhimmi irratti mari'atame wal qabataa ta'uun qaboowwan yaa'ii kanneen keessatti hamma tokko wanti irratti walii galame jiraachuu isaat mul'isa.

Haa ta'u malee, yaadonni irra keessatti ka'an kuni, guutumaan guututti dhugummaa qaboo yaa'ii kanneeniitiif qabata nita'us jedhanii murteessuuf nama rakkisa. Kanas barreessaan yaadonni mariif dhihaatan yemmuu murtii argatan murtee sana miira ofiitiin ibsuu nidanda'a. Murtee sana itti dabaluun yookin keessaa harcaasuun jiraachuufi

jiraachuu dhiisuuf karaan ittiin mirkanaa'uun nirakkisa. Qorataan yemmuu wal gahiin sun gaggeeffamu battala sanatti waan hinargaminiif, namoota waltajjicha irratti hirmaatan bakka tokkotti argachuun waan rakkisuuf (osuma argamaniiyyuu dhimma raawwate turtii yerootiin kan ka'e guutumaan guututti yaadachuu dhabuu waan danda'aniif) kana malees, wanti waraabbamee lafa kaa'ame tokko waan hinjirreef, yaada galmeewwan irra jiru qofa irratti hundaa'uun qaboon yaa'ii waajjiraalee kanaa guutumaan guututti dhugummaa niqabu jedhamee murteessuun nama rakkisa. Kanaan alas, maqaan namoota walgahii sana irratti hirmaatanii gahee hojii isaanii waliin taa'uu dhabuun, baay'inni namoota wal gahii sana irratti hirmaatanii tuqamuu dhabuun, mallattoon namoota wal gahii san irratti hirmaatanii haala wal fakkaatuun taa'uu dhabuufi qaboon yaa'ii sun qabiyyeewwan hammatuu qabu hunda karaa hammateen qindaa'uu dhabuun dhugaan qaboowwan yaa'ii sana keessa jiru akka sirriitti bahee hinmul'anne taasisanii jiru. Iddoon itti fayadamni afaanii hiika gara biroo qabaatettis yaadni jedhamuu barbaadame hafee kan biroo akka jedhamu qabata ta'ee jira. Kunis dhugummaa qaboo yaa'ichaa nihir'isa.

Walumaagalatti yaadota armaan olitti tuqaman irraa ka'uun qaboowwan yaa'ii waajjiraalee kanaa amaloota qaboon yaa'ii tokko guutuu qabu guutuu irratti hir'inna qabu.Hir'inna jiruufis dhimmoonni sababa ta'an hanqina itti fayyadama afaaniitiifi hanqina qabiyyee hunda guutee argamuu dhabuuti.

4.1.2 Qaaccessa Qaboo Yaa'ii Qabiyyeetiin

Qaboon yaa'ii, qabiyyee isaa keessatti, dhimma bal'ina qabu yookiin dhimma hedduu bal'ina hinqabne hammachuu danda'a. Dhimma kamiyyuu hammatee wantoota armaan gaditti kaayaman ibsuu akka qabu hayyoonni itti waliigalu:

- Guyyaa walgahichi itti geggeeffame saa'aafi bakka wajjiin (Eziberge 1982, Williams 1984, Natal 1982,Ur1996).
- Maqaa dhaabbatichaa (Richard 1990).
- Dhimma irratti mari'atame (Pickett 1980).
- Maqaa namoota waltajjii irratti hirmaatanii gahee isaanii wajjin (Natal1982,Grant 1987,Harmer1991).
- Maqaa namoota waltajjicha irratti hinhirmaatinii (Johnson1982,Widdowson1987).

- Murtii waliigalaa irra gahame (Eskey 1988, Williams 1984)
- Beellama walgahii idilee itti aanee dhufuu murteessuu(Ezinberg 1982)

Kanarraa akka hubannutti, qabiyyeewwan unki qaboo yaa'ii tokko ofkeessatti hammatuu qabu keessaa kanneen ijoo ta'an guyyaa walgahichi itti geggeeffamu, sa'aatiifi bara waliin,maqaa dhaabbatichaa, dhimma marii, maqaa namoota walgahii irratti hirmaatanii gahee hojii isaanii wajjiin, maqaa namoota walgahicha irratti osoo hirmaachuu qaban sababa adda addaatiin hafanii,murtee walii galaa irra gahameefi beellama yeroo walgahii itti aanuu akka ta'an hayyootni kun eeranii jiru. Qaboon yaa'ii waajjira tokkoos qabiyyeewwan dhimmoota olitti eeraman kana akka qabaatu isa taasisu qabatee argamuu qaba.Bu'uuruma kanaan qorataan galmeewwan qaboo ya'ii waajjiraalee irratti xiyyeeffatee haala armaan gadiitiin xiinxallee jira.

Qabiyyeewwan qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu keessaa inni tokko guyyaa, ji'aafi bara walgahiin tokko itti gaggeeffame. Kunis, qabiyyee qaboo yaa'ii tokko keessatti gaafa walgahiin sun itti gaggeeffame kan agarsiisuudha. Ragaa gama yerootiin jiruuf deebii kenna. Dubbisaan qaboo yaa'ii kanaa murtiin tokko yoom akka darbe, waliigalteen tokko yoom akka taasifameefi qajeelfamni tokko yoom akka kenname dubbisicharraa deebii niargata. Qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanis guyyaa walgahichi itti gaggeeffame niqabu.Kunis,'hubannoon qaboon yaa'ii tokko yammuu qophaa'u, guyyaan walgahiin tokko itti gaggeeffame nituqama' jedhamu waajjiraalee hunda keessa jiraachuu isaat mul'isa.Haata'u malee, qaboon yaa'ii waajira Aadaafi Turiizimiitti qophaa'e guyyaan itti qophaa'e hintuqamne. Kun immoo, gaaffii walgahiin kun yoom gaggeeffame jedhu sammuu dubbisaa keessatti uuma waan ta'eef ergaa qaboo yaa'ii kanaan darbu hir'uu taasisa. Rakkoon kun waajira kanatti qorataa qorannoo kana gaggeesseeyyuu mudatee jira. Yeroon walgahiin itti gaggeeffame guutummaa qaboo yaa'ii waajjira sanatti bara sana qophaa'an keessa waan hinjirreef qoratichi tartiiba taa'umsaatiin filachuuf dirqamee jira.

Qabiyyee qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu keessaa inni biroo, maqaa dhaabbaticha walgahii gaggeesseeti. Namoota walgahii sana irratti hirmaatan kan murteessu, murteen darbu, qajeelfamni kennamuufi waliigalteen taasifamu bifa akkamii qabaachuu akka qabu gosa dhaabbatichaattu murteessa. Dubbisaan qaboo yaa'ii tokko kan dhaabbata kamii akka

ta'e addaan baafachuuf qabiyyeen qaboo yaa'ii tokko bifa dhimma kana ofkeessatti hammateen qophaa'uu qaba. Kanaanis walqabatee qaboowwan yaa'ii waajjiraalee xiinxalamanii hundumaa keessatti maqaan dhaabbatichaa eeramee jiraa.Kunis, qaboon yaa'ii tokko yammuu qophaa'u qabiyyee keessatti dhimmoota hammatamuu qaban keessaa inni tokko maqaa dhaabbatichaa ta'uu akka qabu hubannoon jiraachuu mul'isa. Qaboon yaa'ii waajjira Aadaafi Turiizimii keessatti qophaa'e garuu maqaa dhaabbatichaa ofkeessaa hinqabu.Ergaan qaboo yaa'ii kana keessa jiru dhaabbata kamiin akka darbe dubbisaan karaa ifa ta'een argachuu hindanda'u.

Qabxiin qabiyyee qaboo yaa'ii tokko keessatti hammatamuu qabukan biroo immoo iddoo walgahiin tokko itti gaggeeffame. Yeroo baay'ee walgahiin kan gaggeeffamu iddoodhuma dhaabbatichi sun jirutti. Haata'u malee yeroo tokko tokko sababa adda addaatirraa kan ka'e iddoon walgahiin tokko itti gaggeeffamu jijjiiramuu danda'a. Kanaafuu iddoo walgahiin itti gaggeeffame sun qaboo yaa'ii sana keessatti ibsamuu qaba. kanaanis dubbisaan walgahiin sun akka eessatti gaggeeffame ragaa ni argata. Waajjiraaleen qorataan xiinxalaman qaboo yaa'ii isaanii yammuu qopheeffatan iddoo walgahiin sun itti gaggeeffame tuqanii jiru.Haata'u malee qaboowwan yaa'ii waajira Aadaafi Turiizimiitifi waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsa Gaarii keessatti iddoo walgahiin itti gaggeeffame tuqamuu dhabuun akka haqinaatti dhimma xiinxalameedha. Kanarraa wanti hubatamu hubannoon 'qaboon yaa'ii tokko yammuu qophaa'u iddoon walgahiin sun itti gaggeeffame tuqamuu qaba' jedhu waajiraalee hunda bira qixa walfakkaatuun kan hinjirre ta'uu isaati.

Sa'aatii walgahiin tokko itti eegaleefi itti xumurames qabiyyee qaboo yaa'ii waajjira tokko keessatti dhimma hammatamuu qabuudha. Kana tuquun immoo walgahii sanarratti murteen darbe tokko, marii taasifameefi qajeelfamni kenname hammam gadifageenyaan irratti mari'atamee akka raawwate dubbisaan akka tilmaamuuf gargaara. Hammi cimina dhimma sanaayeroo fudhate sanarraa nitilmaamama. Kanaafuu, qabiyyeewwan qaboo yaa'ii waajira tokko keessatti yeroon walgahiin tokko itti eegaleefi itti xummurame hammatamuu qaba. Haata'u malee hubannoon gama kanaan jiru waajiraalee qorataan irratti xiyyeeffate keessatti laafaa fakkaata. Sababni kun jedhameefis, qabiyyee qaboo yaa'ii isaanii keessatti sa'aatiin walgahii itti eegale malee kan itti xummurame tuqamuu dhabuu isaatirraa kan ka'eedha. Waajiraalee tokko tokko keessatti immoo sa'aatiin walgahiin itti

eegaleeyyuu hin ibsamne. Kun egaa, akkuma armaan olitti tuqame hubannaan gama kanaan waajjiraalee bira jiru laafaafi kan wal hinfakkanne ta'uu isaat ibsa.

Maqaan namoota walgahicharratti hirmaataniis gahee hojii qaban waliin qabiyyee qaboo yaa'ii waajjira tokkoo keessatti hammatamuu qaba. Kana gochuun fudhatamummaafi amanamummaa qaboo yaa'ii waajira sanaat dabala. Kanamalees, maqaan namoota sanbaba adda addaatiin walgahii sanarratti hinhirmaatiniis tuqamee taa'uu qaba. Kun keessattuu murtee darbu keessatti gahee olaanaa qaba. Murteen darbe sun ykn immoo waliigalteen taasifame sun miseensota meeqaan akka taasifame beekuun fudhatamummaa murteen sun ykn immoo waliigalteen sun seeraafi namoota dhaabbaticha keessa hojjetan biratti qabu adda baafachuuf dubbisaa nigargaara waan ta'eef ifatti kaa'amuu qaba. Garuu, kana ilaalchisee, hubannoon waajiraalee mootummaa qorataan irratti xiyyeeffate bira jiru laafaadha.Qabiyyee qaboo yaa'ii isaanii keessatti maqaa namoota hirmaatanii malee gaheen isaan qabaniifi maqaan namoota walgahicharratti hin hirmaatinii hinkaa'amne.Kun immoo akkuma armaan olitti tuqame fudhatamummaafi amanamummaa qaboon ya'ii isaanii qabu hir'isuu danda'a.

Dhimmi irratti mari'atamu (ajandaan marii), murteen darbe, waliigalteen taasifames ta'ee qajeelfamoonni walgahicharratti kennaman qabiyyee qaboo yaa'ii tokko keessatti ifatti taa'uu qabu. Kunis, karaa namni walgahicharratti hinhirmaatin qaboo yaa'ii sana dubbisee hubachuu danda'uun ibsamuu qaba. Gama kanaan hubannoon waajjiraalee mootummaa qorataan irratti xiyyeeffate bira jiru gahaadha jechuu dandeenya. Dhimmoonni kunniin qabiyyee qaboowwan yaa'ii isaanii keessatti hammatamanii jiru waan ta'eef, kunimmoo, hubannoon gama kanaan jiraachuu isaa tilmaamuuf nama hinrakkisu.

Yeroo walgahiin idilee itti aanu itti gaggeeffamuu qabus, qaboo yaa'ii waajjiraalee keessatti dhimma hammatamuu qabuudha. Kana beekuun, qophii barbaachisaa ta'e gochuun walgahicharratti argamuuf miseensota gargaara. Harcaatiis nihir'isa.Qaamni dhimma tokkoof ragaa barbaadachuuf walgahii sanarratti hirmaatuu barbaadus qaboo yaa'ii isaanii irraa yeroo walgahii idilee kanas adda baafachuu nidanda'a. Kana malees, dhimmi kun ifatti tuqamee kaayamuun gamaggama hojiitiifi to'annoo taasifamuufis nigargaara. Qaboon yaa'ii wagahii darbe irratti qabames guyyaa kana mirkanaa'a. Kanaafuu qaboo yaa'ii waajiraalee tokkoo keessatti guyyaan walgahii idilee itti aanee dhufuu ifatti taa'uu

qaba. Haata'u malee waajjiraalee qorataan irratti xiyyeeffataman bira hubannoon gama kanaan waanjiru hinfakkatu. Qabiyyee qaboo yaa'ii isaanii keessatti dhimmi kun hammatamuu dhabuun isaa kana nuuf mirkaneessa.

Walumaa galatti, akkuma qaboo yaa'ii waajjiraalee armaan olitti xiinxallaman irratti hubatametti, waajjiraaleen qaboo yaa'ii yemmuu qopheessan,dhimmootni keessaa harcaasanii hambisan jiraachuu isaaniiti.Keessattuu, gaheen hojii namoota walgahicha irratti hirmaatanii kaa'uu dhabuun dhugummaafi fudhatamummaa qaboo yaa'ichaat hir'isa. Kana malees, maqaa namoota hinhirmaatinii ibsuu dhabuuniifi guyyaa walgahiin idilee itti aanu ittigeggeeffamu ibsuu dhabuunergicha hir'uu taasisa. Rakkoolee kunniin immoo waajjiraalee qorataan irratti xiyyeeffate hundumaa keessatti mul'atanii jiru.Maddi rakkoolee kanaas, qaboon yaa'ii tokko yemmuu qophaa'u qabiyyeewwan ofkeessatti hammatee qophaa'u maal maal akka ta'an wallaaluu irraa madda.

Qaboon yaa'ii tokko yemmuu qophaa'u garuu, karaa fudhatamummaa, iftoominaafi qindoomina qabuun qophaa'uu qaba. Dubbisaan, qaboo yaa'ii qophaa'e tokko, dubbisee karaa ragaalee ifa ta'aniifi gahaa ta'an irraa argatuun qophaa'uu qaba. Murtiin qaboo yaa'iitiin darbu, mariin taasifamuufi qajeelfamoonni kennaman karaa dubbisaan ittiin hubatuu danda'uun ibsamuu qabu. Dhugummaafi amanamummaa akka qabaatuuf jecha, eenyu fa'a walgahicha irratti akka hirmaatan, eessattiifi yoom, akka hirmaataniifi gaheen hojii isaanii maal akka ta'e.karaa ibsuun qophaa'uu qaba. Gama birootiin immoo qaboon yaa'ii takko dhimma akka ragaatti muuxannoo jiru gara fuulduraatti ibsuuf ol kaa'amu waan ta'eefis, karaa dubbisaan kumiyyuu dubbisee hubatuu danda'uun jechoota filatamoofi qusatamoo ta'aniin caasaa seera afaanichaa eegeen qophaa'uu qaba.

BOQONNAA SHAN

GUDUUNFAAFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatu cuunfaa, argannoofi yaboodha. Kaayyoon qorannichaa qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa amalootaafi qabiyyee qaboo yaa'ii duuka bu'uun qaaccessuudha.Kanas galmaan ga'uuf ragaaleen guuramanii, mala akkamtaatiin qaacceeffamanii hiikni itti kennameera.Amma immoo qaacceessaafi hiika ragalee dhiyaatanii irratti hundaa'uun cuunfaan kennameera. Itti aansuunis argannoofi cuunfaa qorannichaa irratti hundaa'uun yaboon (yaadni furmaataa) kennamee jira. Qoratichis kaayyoo isaa galmaan gahee jira.

5.1 Guduunfaa

Kaayyoon qoannoo kanaa qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa gama amalaafi qabiyyee qaboo yaa'iitiin xiinxaluudha. Kanas galmaan ga'uuf ragaalee funaannamanii, qaacceeffamanii hiikamaniin argannoowwan armaan gadii irra ga'amee jira.

Qaboowwaan yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa yommuu qophaa'an,

- Qulqullinaan itti fayyadama afaanii (sirna tuqaaleefi qubguddeessa, qubeessuu, walsimannaa jechootaafi dhamjechootaa, filannoofi qusannaa jechootaa) irratti hir'inni akka jiru bira gahameera.
- Yaadonni karaa iftoomina qabaniin kan hindhiyaatin ta'uun mul'ateera.
- Yaadni cuunfamee murtaaye karaa tartiiba qabuun kan hinqindaahin ta'uu bira gahameera.
- Dhugummaafi sirruummaan isaa karaa nama hinmamsiisneen kan hinteenye ta'uu hubatameera.
- Qabiyyeewwan hunda karaa haammateen osoo hintaane keessaa harcaasuun kan mul'atu ta'uu bira gahameera

5.2 Yaboo

Argannoowwan qorannoo kanaa ka'uumsa godhachuun hir'inoota jiran maqsuuf yaadni furmaata ta'uu danda'a jedhame akka armaan gaduutti dhiyaateera. Kunis namoonni waajjiraalee adda addaa keessatti qaboo yaa'ii qaban,

- Qulqullina barreeffamaa kanneen akka sirna tuqaaleefi qubguddeessaa, qubeessuu, caasaa jechaafi dhamjechootaa akkasumas qusannoofi filannoo jechootaatiif xiyyeeffannoo kennuu qabu.
- Haalaa namni salphaatti dubbisee hubachuu danda'uun ifa godhanii dhiyeessuu qabu.
- Yaada cuunfamee murtaa'e haala tartiiba qabuun qindeessuu qabu.
- Dhugummaa qaboo yaa'ichaatiif dursa kennuun yaada miseensota walga'iichaatiin irratti waliigalame qofa karaa haammateen dhiyeessuu qabu.
- Qabiyyeewwan qaboon yaa'ii tokko haammachuu qabu bifa haammateen qopheessuu qabu.
- Qaamota dhimmi ilaallatu kaanneen akka dhaabbilee barnootaatiin leenji'uu qabu. Leenjiin kunis gama itti fayyadama afaan barreeffamaa, amalootaafi qabiyyee qaboo yaa'ii irratti kan hundaa'e ta'uu qaba

Wabiilee

Abarraa Nafaafi Kaawwan.(1996*). Caasluga Afaan Oromoo.* Jildii 1.KoomishiniiAadaafi Turizimii Oromiyaatti, Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Abdulseded Mohammed.(1994). *Serluga Afaan Oromoo*.Caffee Oromiyaa:Finfinnee.

Abiy.Zegeye etal. (2009).*Introduction to Research Method:* Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programmes Graduate studies and Research Office.AAU.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo hujoo*.Finfinnee: Far East Trading Plc.

_____.(2011). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc.

_____ .(2014). *Sanyii: Jechaa fi Caasaa isaa*. Finfinnee, Oromiyaa: AlemPrinting Press

Askale Lemma.(1987). *Some Points on Oromo Orthography*. Seminar of Institute of Ethiopia Studies (1st) Nazereth, pp. 323-337.

Beekan Gulummaa. (2015). *Tuujuba: Saayinsii Dandeettiwwan Afaanii*. Finfinnee, Oromiyaa: Elleni Printing Press.

Bickel & Nichols.(2007). *Inflectional Morphology*. USA: Cambridge University press.

Brown, Leland. (1991). *Effective Business Report Writing*. Boma by: D.B. Taraparevala sons and Co. Pvt. Ltd.

Chanea Mulugeta.(2001). *The New Guide Books Series.* Addis Ababa: Aster Nega Publishing Enterprise.

Cook, G. (2001). *Applied Linguistics*. Oxford: Oxford University press.

Crystal, D.(1987). *The Cambridge Encyclopedia of Language.*Cambridge University Press.

Devlin Joseph. (1981). *How to Speak and Write Correctly*. Boston: indy. Pub.

Eilliam, D.A. (1984). *Business Communication*. New York: Macmillan Publishing Campany.

Eisenberg, A. (1982). *Effective Technical Communication.* New York: MeGraw- Hill Book Company.

Eskey, D.E. (1988) "*Holding in the Bottom:* An interactive Approach to the Language Problem of Second Language Reader" in P. Carrel. J. Devine and Deskey Leds/ interactive Approach to second Language Reading. Cambridge: university press.

Ezor, E and et.al (1984).*From Paragraph to Essay: Approach for Beginning Writing*. New York: Me Graw Hill. Inc.

Finch. Geoffrey. (2005). *Key Concepts in Language and Linguistics* (2nded). New York: Palgrave Macmillan.

Gartside, L.(1981). *English For Business Studies.*Estover: Plymouth Macdonald and Evans Lid.

Geetaachoo Rabbiraa (2003). *Furtuu.* Finfinnee: Kuraz Printing Press.

Gerald and etal.(2009). *Hand Book of Technical Writing.* (19thed.). Boston: New York.

Glazier, J.F. (1991).*The Least You Should Know About English Writing Skills* (4th ed)., New York: Harcourt Brace jouanvich College Publisher.

Grant, N. (1987). *Asking the most of Your Text book*. New York: Long man Group UK Limited.

Hanlon, C. (ED). (1999). *Professional DevelpomentThrough Action Research in Educational Setting.*Washington, DC: Falmer Press.

Harmer. Jeremy. (1991). *The practice of English Language Teaching.* New York: Kongman Group Uk Limited.

Iacone, S.J.(1985). *Modern Business Report Writing*. New York: Macmillan Publishing Company.

James, H.Sheton. (1994). *Hand Book of Technical Writing.*NTC Publishing Group Linclonwood. Illinois. USA.

Johnson, H. (1982). *Hand Books of Research for Educational Communication Technology.* (4thed). New York: Macmillan Publishing Company.

Kumar, S. (2006).*Fundamental of Research Methodology and Statistics.*New Delhi: New age International (p) limited Publishers.

May, T.(2002). *Qualitative Research in Action*. London and New Delhi: Suge Publication.

Mc Donough,J. and C.Shaw,.(1993). *Materials and Methods in ELT*:A Teacher Guide. Oxford: Black Well.

Mort, Simon. (1992). *Professional Report Writing. Hampshire:* Gower Publishing Company Ltd.

Murphy, H.A. Charles, E.P. (1980). *Effective Business Communication*. New York: Me Graw-Hill.Inc.

Namid (2015).*Meeting in the Fast Lane:* About North America Meeting Industry Day. USA: Shippensburg University Press.

Nuttal, C. (1982).*Teaching Reading Skills in Foreign Language*.Heineman Educational Books Ltd.

O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. (1996).*Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction.*3rd ed. Tronto: Copp Clark LTD.

Parsons, C. J. and S. J, Haugues. (1975).*Written Communication for Business Students.* London: Edward Arnold (Publisher) Ltd.

Piekett, N.A and Ann, A.L. (1980).*Technical English.* New York: Harper and Row Publisher.

Reid, J.m. (1993). *Teaching ESL Writing.* New Jersy: Preentice Hall, inc.

Richards, J. (1990). *A Non- Contrastive Approach to Error Analysis.Re-printed from English Language Teaching.*London: Oxford University Press.

Smith-Worthington and Sue Jefferson (2011).*Technical Writing for Success*.3rd ed. USA.

Stewart, K.L. and Allen, M.E. (1997).*Form of Writing*: A Brief Guide and handbook (2nded.). Prentice-Hall Canada in.c

Sussams, J.E. (1991). *How to Write Effective Reports*. Alde shot: Gower Publishing Company.

Tamene Bitima.(2000). *A Dictionery of Oromo Technical Terms,Oromo-English*.Berlin:Rudiger Koppe Verlag Kolin.

Temesgen Negasa.(1993).”Word Formation in Oromo.”Addis Abeba University:Addis Abeba.(Unpublished MA thesis)

Temple, M. (1991).*Basic Spelling.* London: Harper Collins Publisher Ltd.

Tilahun Gamta.(1980). *Seera Afaan Oromoo*. Finfinnee.

Tolemariam.Fufaa. (2011). *Seera Afaan Oromoo I: Dhamsagaafi Dhamjecha.* Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

Ur, penny. (1996). *A Course in Language Teaching*: practice and Theory. New York: Cambridge University Press.

Wasanee Bashaa.(1996).*Saaqaa: SeerlugaAfaanOromoo*. Finfinnee: Elleni Printing Press.

Widdowson, H.(1987). *Aspects of Language Teaching.* London: Oxford University Press.

Windterowd, W.R. and Nixon, J.S. (1989).*The Contemporary Writing:* A practical Rheteric (3rd ed.). San Diego: Harcourt, Brace Jouanonich. Publishers.

Woolcott, L.A. and W.R.Unwin (1983). *Mastering Business Communications*.Estover Plymouth: Macdonald & Evans Ltd.

Zolatan D. (2007).*Research Method in Applied Linguistics: Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies.* Oxford: Oxford University Press.

ሸዋዬ ለገሰ፡፡ (1990)፡፡ ***"የወንጀልና የችሎት ዘገባ (Crime and Cort Reporting) አቀራረብ በአዲስ ዘንጋዜጣ፡፡"*** **የአረትስ ባችለር ዲግሪ ከፊሉን ለማማላት በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ሥነ-ፅሁፍ ክፍል የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስ አበባ፤ ያልታተመ፡፡**

አለም እሸቱ፡፡ (1997)፡፡ ***መሠረታዊ የምርምርና የዘገባ አፃፃፍ፤*** **ሦስተኛ እትም፡፡ አዲስ አበባ፤ አዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ቤት፡፡**

አሸናፊ በለጠ፡፡ (1994)፡፡ ***"የቃለ ጉባኤ ምንነትና ዓይነት በስምንት የመንግስት መስሪያ ቤት የቃለ ጉባኤ ቅርፅ ላይ ተመስርቶ፡፡"*** **የአርትስ ባችለር ዲግሪ ከፊሉን ለማማላት ለኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ሥነ ፅሁፍ ክፍል የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስ አበባ፣ ያልታተመ፡፡**

DABALEE A

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOOTAA,

JOORNAALIIZIIMIIFI SABQUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII

Sakatta'a Galmee

Aanaa Adaabbaa Waajjira _____

Kaayyoon qaaccessa galmee kanaa 'Qaaccessa Qaboo Yaa'ii Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Adaabbaa' ilaalchisee ragaalee funaanuufi. Kanaafuu, deeggarsi keessan milkaa'ina qorannoo kanaatiif murteessaa waan ta'eef ragaa haqa qabeessa ta'e dhiheessudhaan akka birmattan gaafachaa iccitiin isaa kan eeggamuufi dhimma qorannichaa qofaaf kan oolu ta'uu isaa isinii mirkaneessa.

1.Galmeen qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa,

_qulqullinaan fayyadama afaanii kanneen akka sirna tuqaaleefi qubguddeessaa,

qubeessuu,filannoo caasaa jechootaafi dhamjechootaa

_iftoomina yaadaa

_ qindoomina yaadaa

_dhugummaa ragaa qabaachuu sakatta'uu

2. Galmeen qaboo yaa'ii waajjiraalee mootummaa Aanaa Adaabbaa qabiyyeewwan qaboon yaa'ii tokko hammachuu qabu hammatee dhiyaachuu xiinxaluudha.

DABALEE B

Waajjiraalee Ragaan Irraa Fudhatame

TL	Maqaa Waajjiraalee Odeeffannoon irraa fudhatamee	Baay'ina ragaa fudhatamee	Baraafi ji'a ragaan Waajjirichatti itti qindaa'e	Afaan ragaan ittiin qindaa'e
1	Waajjira Barnootaa Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
2	Waajjira Af-yaa'ii Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
3	Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
4	Waajjira Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
5	Waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa Aanaa Adaabbaa	1	Sadaasa 2007	Afaan Oromoo
6	Waajjira Dhimma Dubartootaafi Mirga Daa'immaanii Aanaa Adaabbaa	1	Muddee 2007	Afaan Oromoo
7	Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Adaabbaa	1	Jiini hineeramne bara 2007	Afaan Oromoo
8	Waajjira BarnootaTeeknikaafi Ogummaa Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
9	Waajjira Dhimma Dargaggoofi Ispoortiitii Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo
10	Waajjira Siivil Sarviisiifi Bulchiinsa Gaarii Aanaa Adaabbaa	1	Fulbaana 2007	Afaan Oromoo

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan dura Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhihaanne ta’uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee, wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkanneessa.

Maqaa ----------

Mallattoo ----------

Guyyaa ----------